Furtuu Kakuu Moofaa

(Old Testament Survey)

"…Jaalalaan dubbii dhugaa dubbachaa, koottaa karaa hundumaan gara mataa isa nuuf ta'e gara Kiristoositti in guddannaa!" Efe. 4:15.

Cell Phone: +251-926-54-54-40/913-35-57-47; Email: aliel0607generation@gmail.com

Baafata (Table of Contents)

1) **Seensa…….. 1**
2) **Seera Uumamaa ..…… 5**
3) **Seera Ba'uu …….. 6**
4) **Seera Leewwotaa ……..…… 7**
5) **Seera Laakkobsaa …….. 8**
6) **Seera Keessa Deebii ...……..……..…… 9**
7) **Kitaaba Iyyaasuu ……..…….... 10**
8) **Kitaaba Abboota Murtii ……..…… 11**
9) **Kitaaba Ruuti ……..……..…… 13**
10) **1 Saamu'eel……..13**
11) **2 Saamu'eel……..……..14**
12) **Mootota 1ffaa fi Mootota 2ffaa……..……..…… 15**
13) **Seenaa Baraa 1ffaa fi Seenaa Baraa 2ffaa……..17**
14) **Kitaaba Izraa ……..17**
15) **Kitaaba Nahimiyaa……..……..18**
16) **Kitaaba Asteerii..……..……..19**
17) **Kitaaba Iyyoobii……..……..20**
18) **Faarfannaa Daawitii…..……..21**
19) **Kitaaba Fakkeenyaa……..……..22**
20) **Kitaaba Lallabaa……..……..22**
21) **Weedduu Weedduu Caalu ……..……..23**
22) **Raajota……..24**
23) **Iyyu'eelii Raajicha……..……..25**
24) **Yoonaasii Raajicha……..……26**
25) **Amootsii Raajicha……..……27**
26) **Hoosee Raajicha……..……..…28**
27) **Isaayyaasii Raajicha……..……..…28**
28) **Mikiyaasii Raajicha……..……..…29**
29) **Naahoomii Raajicha……..……30**
30) **Sofoniyaasii Raajichaa ……..……..…31**
31) **Ermiyaasii Raajicha……..……..…31**
32) **Faaruu Ermiyaasii……..……..…33**
33) **Imbaaqoomii Raajicha ..……..……..…33**
34) **Daani'eelii Raajicha……..……..…34**
35) **Hisqeelii Raajicha……..……..…36**
36) **Abdiyyuu Raajicha……..……..…37**
37) **Hagee Raajicha……..……..…38**
38) **Zakkaariyaasii Raajicha……..……..…38**
39) **Milkiyaasii Raajicha……..……..…39**
40) **Baroota Kakuu Moofaa fi Kakuu Haaraa jidduu jiran……..……41**
41) **Guduunfa ……..……42**

Email: danbiblecoll@gmail.com / eliel0607generation@gmail.com
Cell Phone:- +251-468-217-144/+251-926-54-54-40; P.o.b. 2209 Hawassa, Ethiopia.

Seensa (Introduction)

Bara ammaa kana keessa tattaaffiin barumsaaf taasisan kan yeroo kamiinuu caalaa kan woldorgommii hin qabne. Kitaabota qorachuun amala gaarii namoonni hayyoonni yeroo isaanii itti dabarfatan ta'eera. Kitaabota baayyisuu fi gatii salphaan argachuun ni danda'ama. Eeganaa yeroo ammaa kana keessa Kitaaba Qulqulluu kitaabota hunda caalu kana hayyoonni gugurdaanii fi didiqqaan biyya Itoophiyaa kana keessa jiran filannoo isaanii godhachuun gammachuu isaanii kan jalqabaa taasifachuu wonti caalu maaltu jira?

Kitaabni Qulqulluun baroota 2000 ol fixee Waaqayyo isaan masakkee namoota **40n** barreeffame.

Kitaabota barreeffaman kanniin keessaa kan akka Wongeelotaa, Faarfannaa Daawitii, Seera Uumamaatii fi kuuwwanis baay'naan beekkaman. Kitaabonni hafan kuuwwan immo yoma dubbii Waaqayyoollee ta'an namoota hagoo achitti namni isaan beeke hin turre. Yeroo Addunyaan ofi balleessuuf qophooftetti; Yeroonuu akka Addunyaan of balleessuuf taatu himaa akka Addunyaan iyyitu himutti; Kaayyoo Waaqayyo bara kana qabu beekuu fi Karaa keenya irraa deebi'uu dhabuun akkasumas murteeffachuun barbaachisaa dha.

Kayyoon Kitaaba kanaa qo'annaa Kakuu Moofaatiif balabala banuu dha. Yaadota ijoo kitaabota hundaa keessa jiran hordofuudhaaf akka gargaaru wol duraa duubaan ibsaa; yaadannoo fi hubannaa sammuu namaatiif akka tolu ibsaa kitaabonni 39nuu barreeffamaniiran. Kitaabonni kunniin hundinuu kan ibsan Seenaa Yihuudota namoota Waaqayyoo bara Kakuu Moofaa keessa jiran wolduraa duubaan ibsaati.

Baroonni kitaabota kanniin keessatti barreeffaman; akka barreeffama lakkoobsa Itoophiyaatiin. Kitaabonni Raagaa baayyeen kan barreeffaman bara Mootonni 1ffaa fi Mootonni 2ffaa itti barreeffaman. Wol duaa duubni kitaaba kana keessatti barreefame akka kitaaba Kitaaba Qulqulluu keessatti barreeffame osoo hin taane akkaataa baroota itti barreeffamaniitiin.

Worroota kitaabni kun akka qophaa'u uf gargaarsa guddaa nuuf godhan obbo Iwunatuu Ililuu fi obbo Girmaa Kaasaa galata keenya isaaniif dhiyeessina.

Kaayyoon keenya namni kitaaba kana dubbisu hundinuu uduu hin murtoofne gargaarsa kitaaba kana keessaa argatuun Kitaaba Qulqulluu faayidaa fi gammachuu ufiitiif akka dubbisuu fi Kitaabbilee namoonni gugurdaan waan kitaaba Qulqulluutiif barreessan hubatee akka itti fayyadamuuf. «Isin dhugaa beettan; dhugaan bilisa isin baasa…. » (Yoh. 8:32)

Afaanoota Duriinii Macaafoota Qulqulluun ittiinBarreeffame

Kitaabonni Kakuu Moofaa baayyeen afaan Ibraayisxiitiin kan barreeffaman yoo ta'an Kitaabonni Kakuu haarawaa immo afaan Griikiitiin barreeffaman. Yeroo ammaa kana Kitaabni Qulqulluun

Email: danbiblecoll@gmail.com / eliel0607generation@gmail.com
Cell Phone:- +251-468-217-144/+251-926-54-54-40; P.o.b. 2209 Hawassa, Ethiopia.

afaan 1000 olitti hiikkameera. Naannoo bara 500tti Kitaabni Qulqulluun afaan Gi'iiziititti hiikkame. Achiin booddee afaan Gi'izii irraa gara afaan Amaariffaa dhaloota Kiristoosiitiin dura bara 1835tti hiikkame.

Barreeffama Durii

Namoonni lafa baayyee qotaa wontoota durii qoratan magaalota durii kan Kitaaba Qulqulluu keessatti barreeffaman kanniin qotuudhaan Kitaabni Qulqulluun akka Kitaaba durii ta'e dubbatan/ himan.

Yeroo dhiyoo keessa holqa gammoojjii Kana'aanii baayyee keessatti kitaabonni Kitaaba Qulqulluu keessatti argaman baayyeen argamaniiran. Kanniin keessaa ijoon argame Kitaaba Raajicha Isaayyaasiiti. Kitaabni kun dhaloota Kiristoosiitiin dura bara 200 keessa kan barreeffame yoo ta'u Akkuma henna duulaa holqa keessatti dhossanitti hafe. Haalli qilleensa biyya Kana'aanii baayyee waan gogaa ta'eef osoo hin shamne nagayumaan jiraate.

Meeshaan barreeffamaa kan bara durii meeshaa barreeffamaa kan bara kanaatiin garaa garummaa guddaa qaba. Bara Kakuu Moofaa keessa haala barreeffama gosa sadihiittu ture.

1. Muka papaariyiis jedhamu kan laga biratti biqilu irraa waan akka woraqataa hojjataa turan. Haalli qilleensa biyya Misirii waan guddisee gogaa ta'eef uduu hin shamne henna dheeraadhaaf waan turuuf barreeffamni akkanaa kunniin haga adhaa argama'aa dubbifaman.
2. Yeroo baayyee gogaa hoolaatii fi kan re'ee irraa itillee irratti barreessan hojjataa isa irrat barreessan; Ta'ullee itilleen qopheessan kun paayiriisiin irra gatiin isaa gudda'a. Yoo wonti akka jiidhaa isa tuqe hin shama.
3. Biyya Asoorii, biyya Baabiloonii, biyya Faarisiitii fi biyyoota biraatittillee dhoqqee irratti barreessuun waan baratame. Wonti barreessaniinillee Maqaa/ Leemman afaan isaa qara qabuun. Dhoqqee irratti barreessan san ibiddaan guba'aa waan jabeessaniif barreeffamni akkanaa kun woggoota kumaatamaan booddeellee argamaniiran,; Akkaataa kanaan jireenyyaa fi haala namoota durii baeekuun danda'ameera.

Qoqqoodama Kitaaba Qulqulluu

Kitaabni Qulqulluun qoodama **lama** qaba; isaanis: Kakuu Moofaa fi Kakuu Haaraa.

Kitaabonni Kakuu Moofaa Yoom Akka Barreeffaman

Kitaabota Kakuu Moofaa keessaa kan dura barreeffame Kitaaba **Iyyoobiiti.** Kitaabni kun kan barreeffame tilmaamaan dhaloota Kiristoosiitiin durabara 1500 dura. Kanatti aansee Kitaabonni barreeffaman Kitaabota Muuseen barreesse: seera Uumamaa irraa jalqabee hanga kitaabota Keessa Deebii jiran yoo ta'u Kitaabonni kunniindhaloota Kiristoosiitiin dura bara 1500tti

Email: danbiblecoll@gmail.com / eliel0607generation@gmail.com
Cell Phone:- +251-468-217-144/+251-926-54-54-40; P.o.b. 2209 Hawassa, Ethiopia.

barreefffaman. Kitaabni Iyyaasuu kitaabota kanniiniin booddee dhaloota Kiristoosiitiin dura bara 1400tti barreeffame. Kitaabni Abboota Firdii dhaloota Kiristoosiitiin dura bara 1100tti barreeffame; Kitaabni Ruutiillee baruma kana 1100tti waan barreeffame fakkaata. Kitaabni Saamu'eelii 1ffaa fi Saamu'eelii 2ffaa bara 1100; Faarfannaa Daawit, Kitaaba Fakkeenyaa, Kitaaba Weedduu Weedduu caaluu fi Kitaabni Lallabaa dhaloota Kiristoosiitiin dura bara 1000tti; Kitaabni Moototaa 1ffaa fi kitaabni Moototaa 2ffaan dhaloota Kiristoosiitiin dura bara 600tti kan barreeffaman yoo ta'an Kitaabni Seenaa baraa 1ffaa fi 2ffaa, Izraa, Nahimiyaa fi Asteer dhaloota Kiristoosiitiin dura bara 500tti barreeffaman.

Kitaabonni raagaa immo bakka sadihitti qoodamaniiran Kunniinis: Kitaabota kudha tokkoo kan boojuun booddee barreeffaman; Kitaabota lamaa kan yeroo boojuu barreeffaman, jechuun Daani'eelii fi Hisqeel; Kitaabota sadihii kan boojuun booddee barreeffaman, jechuun Hagee, Zakkaariyaasii fi Milkiyaas fa'a. Milkiyaas raajichi kitaabota Kakuu moofaa keessaa kan dhumaati. KanaafuuKitaabota Kakuu Moofaa keessaa Kitaabni Iyyoobii kitaaba jalqabaa, Milkiyaas immo kitaaba dhumaa kan raagaa jedhaman.

Kutaabota Kakuu Moofaa

1. Seera (Seera Uumamaa fi seenaa Israa'elii), Seera Uumamaa irraa jalqabee hanga Keessa Deebii.
2. Seenaa Israa'elii, Kitaaba Iyyaasuu irraa jalqabee hanga kitaaba Asteerii.
3. Wolaloo, Kitaaba Iyyoobii irraa jalqabee hanga Weedduu Weedduu caaluu fi Faaruu Ermiyaasii.
4. Kitaabota Raagaa, Isaayyaasiin irraa jalqabee hanga Milkiyaasii, uduu Faaruu Ermiyaasii hin dabalatin.

Kitaabonni Kakuu Moofaa Enyuuf Akka Barreeffaman

A. Seera Uumamaa boqonnaa 1 irraa jalqabee hanga boqonnaa 11 Waaqayyo akka namaaf yaade mul'isa.
B. Seera Uumamaa boqonnaa 12 irraa jalqabee hanga Hujii Ergamootaa boqo.9 baayyinni isaa warra Yihuudiitiif akka barreeffame arguu dandeenya. Kan ta'es yoo ta'e kitaabonni tokko tokko kan akka kitaaba Yoonaasii Worra Yihuudota hin taaneef barreeffame.

Kutaalee Ijoo Kitaabota Kakuu Haarawaa

Kakuun haarofni bakka afuritti qoodama; isaanis:

1. Wangeela
2. Hujii Ergamootaa
3. Ergaawwan
4. Kitaaba Raagaa yookaan Mul'ata Yohaannis

Email: danbiblecoll@gmail.com / eliel0607generation@gmail.com
Cell Phone:- +251-468-217-144/+251-926-54-54-40; P.o.b. 2209 Hawassa, Ethiopia.

Kitaabonni Kakuu Haarawaa Yoom Akka Barreeffaman

Kitaabota Kakuu Haaraa keessaa kan jalqaba barreeffaman ergaawwan Phaawuloosii lamaan: Gara Galaatiyaa fi Tasalonqee 1ffaati. Kitaabonni Kunniin Kan barreeffaman maallaataa bara araaraa 47tti ta'uu hin oolu. Kitaabni dhuma irratti barreeffame Mul'ata Yohaannisii yoo ta'u barri itti barreeffame maallaataa bara araaraa 96tti.

Barreessitoota Ijoo Kitaabota Kakuu Haarawa Barreessan

Namoota baayyee kaawwan caalaa kan Kitaaba Kakuu Haarawaa baay'ee barreesse Phaawuloosi dha. Isatti aansuudhaan namoonni barreessan Luqaasii fi Pheexroos.Namoonni hafan kuuwwan immo kitaabuma tokko tokko qofaa barreessan.

Lakkobsootaa fi Boqonnoota Kitaaba Qulqulluu Keessatti Argaman

Namoonni jalqaba Kitaaba Qulqulluu barreessan boqonnootaa fi lakkobsoota addaan hin baafne. Boqonnaawwan Kitaaba Qulqulluu kan addaan qoqqoodaman jaarraa kudha sadaffaa keessa biyya Ingiliiziititti yoo ta'u, boqonnaawwan immo lakkobsaan kan adda qoqqoodaman bara araaraa 1543tti.

Eertuuwwan Fuula Kitaaba Qulqulluu Jalatti Argaman

Eertuuwwan Kitaaba Qulqulluu keessatti akkaataa wol fakkaataniin barreeffaman kan namoonni jalqaba Kitaaba Qulqulluu barreessan hojjatanii miti. Haata'uu malee hayyoonni Kitaaba Qulqulluu qorannaa baayyee godhanii akkaataa barumsi isaanii wolfakkaatuun Kutaalee Kitaaba Qulqulluu adda addaa walqabsiisanii Kakuu Haarawa keessatti ibsaniiran.

Akkamitti Akka Namoonni Qulqulloonni Hafuura QulqulluunGeggeeffamaniiKitaaba Qulqulluu Itti Barreessan

«Namni Waaqaa qulqulluu fi kan hujii gaarii hundaa qophaa'e akka ta'u; Kitaabni Hafuura Waaqaa uf keessaa qabu hunduu barumsaa fi gorsuuf; onnee qajeelchuu fi gorsa qajeellummaa hundaafillee ni fayyada» (1Ximo. 3:16-17)

Eertuun kun Kitaabonni Qulqulluun hundinuu akka fedha Waaqaatiin barreeffaman; Fedha namaatiin uduu hin taane akka fedha Waaqaatiin barreeffamanii fi Namoonni Kitaaba kana barreessan akka Hafuurri Qulqulluun isaan geggeesse ni mirkaneessa.

Waaqayyo namoota kanniiniif beekkumsa sirrii fi kan nama dinqisiisu kenneef. Hafuurri Qulqulluun namoota Kitaaba Qulqulluu barreessan akkaataa sadihiin isaan gargaare, isaanis:

1. Haala uduu isaan Kitaaba Qulqulluu hin barreessineen dura ta'e hundaa isaanitti mul'ise. Fakkeenyaaf **Muuseen** waan Nohii seenaa dhugaa; akkaataa lafti itti uumamtee fi wontoota biraallee Hafuura Qulqulluun hubatee barreessuu danda'e.
2. Hafuurrii Qulqulluun namoota Kitaaba Qulqulluu barreessan ergaa Waaqayyoo seeraan

Email: danbiblecoll@gmail.com / eliel0607generation@gmail.com
Cell Phone:- +251-468-217-144/+251-926-54-54-40; P.o.b. 2209 Hawassa, Ethiopia.

ummata bara san jiran akka seeraan barsiisan isaan taasise.

3. Hafuurri Qulqulluun barreessitoota kanniin waan ufi afoo ta'uuf ta'us akka barreessanii fi akka barsiisan; jechuunis akka raajii barreessanii fi akka akka dubbatan isaan taasise. Karaa biraatiin barreessitoonni kunniin waan darbe, waan ammaatii fi waan ofi afoo ta'u akka seeraan dubbataniif geggeessuun Hafuura Qulqulluutiin jajjabaatanii turan jechuu dha.

Seera Uumamaa

Kan Barreesse: Muusee dha.

Bara itti barreeffame: Tilmaamaan dhaloota Kiristoosiitiin dura bara 1425.

Dubbii ijoo Kitaaba kanaa: Waan dhalootaa,Waan Samii fi ardii, Waan dhiiraa fi intalaa/dubaraa,Waan cubbuu, Waan sanyii/ fiixaa fi afaanii,waan hujii, waan qaroominnaa fi waan ciincaa, fi akkasuma waan jalqaba wontoota gara garaallee ni ibsa.

Dubbii walduraa duubaa/outline

1. Uumamaa(Baqo. 1-2)
2. Kufa namaatii fi qormaatamuu isaa(Boqo. 3-4)
3. Bishaan badii (Boqo.5-9)
4. Dhaloota Ummata Addunyaa kanaatii fi Akkaataa afaan itti gargar Qoodame (Boqo.10-11)
5. Seenaa Abrahaamii(Boqo.12-23)
6. Seenaa Yisaaqii(Boqo.24-24)
7. Seenaa Yaaqoobii(Boqo.27-36)
8. Seenaa Yooseefii (Boqo.37-50)

Yaadannoo:

1. Dooniin Noohii gaara Araaraatii irratti bu'e; iddoon sun amma Ruusiyaa kibbaatitti argama.
2. Namoonni lafa qotaa qoratan gamoowwan akka gamoo baaniloonii fakkaatan kan Boqonnaa 11 keessatti ibsamaniin wolfakkaatan Baabilooniin keessatti arganiiran.
3. Magaalaa Abrahaam keessa jiraataa ture jechuun Uur keessatti lafa qotqnii haala bara san ture maraa baayyinnaan beekuun danda'ameera. Manni Woyyummaa diiggamuun namoonni baayyeen Addeessaaf sagadaa akka turan beekkameera. Mana barumsaa bara san ture keessatti Xuuboonni barattoonni maal akka barataa turanii fi maal akka qo'ataa turan ibsus argamaniiran.

   Manni keesa bulan gamoowwan gaarii xuuboota irraa hojjataman akkasuma wontoonni biraallee baayyetu argame.
4. Jalqaba Waaqayyo (Se. Uum.12:1-3) Abrahaamiif waadaa gale. Waadaan kun Abrahaam irraa jalqabeehanga Kiristoos dhufutti hujii Waaqayyo warra Yohuudii keesatti hojjatuuf bu'uura ta'eera. Waadaan kun yeroo baayyeeirra deddeebi'amee Abrahaamiif dubbatame. Ysaaqii ilma isaatii fi (Se. Uma.26:3-4) ilma ilma isaa Yaaqoobiifis kennameera. (Se. Uma. 28:13-15)

Email: danbiblecoll@gmail.com / eliel0607generation@gmail.com
Cell Phone:- +251-468-217-144/+251-926-54-54-40; P.o.b. 2209 Hawassa, Ethiopia.

5. Abrahaam abbaa Yihuudotaa qofa osoo hin taane abbaa Ummata Arabaati. Jalqabni gosa Arabaa akkam akka ta'e yookaan immo akkamitti akka jalqabame; Boqonna 16, 19:37-38, 25:1-4; fi 23-25 irratti hin dubbata.
6. Magaalonni Sodomiitii fi Gamoraa Magaalota ''garba sooqiddaa" jedhamanii laakkayaman keessa akka ta'an yaadameera.
7. Seenaan Yooseefiitii fi Seenaan Kiristoosii wolfakkaata; fakkeenyas ni ta'u
    a. Isaan lachuu obboleewwan ofiitiin jibbaman.
    b. Isaan lachuu warra keessummaa ta'anitti gurguraman (dabarfamanii kennaman.)
    c. Isaan lachuu biyya fagootitti salphatan.
    d. Booddee immo baayyee kabajjaman.
    e. Isaan lachuu obboleewwan ofii irratti abboota murtii ta'an.
    f. Isaan lachuu obboleewwan ofii fayyisuu, akkasumas yakka tokkollee hin qaban.

Seera Ba'uu

Kan barreesse: Muusee dha.

Bara itti barreeffame: Tilmaamaan dhaloota Kiristoosiitiin dura bara 1425tti.

Namni ijoon: Muusee dha.

Yaanni ijoon: Ijoolleen Israa'elii garbummaa biyya Misirii jalaa ba'uu isaaniitii fi Seera fudhachuu isaanii.

Dubbii walduraa duubaa/outline

1. Akkaataa ijoolleen Israa'elii biyya Misiriititti rakkatan (Boqo. 1)
2. Akkaataa Muuseen itti guddate (Boqo. 2)
3. Dha'icha baayyee Waaqayyo biyya Misiriititti buuse (Boqo. 3-12)
4. Biyya Misiriitii ba'uu ijoollee Israa'elii (Boqo. 13-18)
5. Akka seerri ijoollee Israa'eliitii kennamee fi Akka dukkaanaan ijaarame (Boqo. 19-40)

Yaadannoo:

1. Kitaaba kana keessa fakkeenya baayyetu jira.
   Fakkeenyaaf:-

a. Hoolaan faasikaa akka Kiristoos Hoolaa Waaqayyoo ta'ee qalamee fi warra cubbamtootaaf akka dhiiga ofii jisse mul'isa.
b. Warra Israa'elii guyyaa, utubaan duumessaatii fi halkan immo utubaan ibiddaa akka isaan masakkaa ture, adhallee kiristoos Hafuura Qulqulluun warra amane masakka.
c. Akkuma 'Mannaan' lafa gammoojjii keessatti ijoollee Israa'eliitiif kenname, adhas Kiristoos Addunyaa kana keesatti warra dhugaadhaan isatti amananiif buddeena/Xoroshoo jireenyaati.
d. Akkuma dhagaa keesaa bishaan argatan akkasuma Kiristoos bishaan jireenyaati.
e. Muuseen harka ofii bal'isee ijoollee Israa'eliitiif akkuma kadhate, (Boqo. 17:8-13) bara kanas

Email: danbiblecoll@gmail.com / eliel0607generation@gmail.com
Cell Phone:- +251-468-217-144/+251-926-54-54-40; P.o.b. 2209 Hawassa, Ethiopia.

Kiristoos akka nuti rakkoo Addunyaa kanaatii fi diinota keenya akka moo'achuu dandeenyu waan keenyaaf nuuf kadhata. (Ibro.7:25)

2. Dilbanni Ummata Yihuudiitiif kenname malee kan biraatiif hin kennamne. (Se. Ba 31:12-17) arra immo bara Waldaa Kiristaanaa kana keessatti Dilbata malee guyyoonni kuuwwan hundinuu guyyaa hujiiti. Guyyaan Dilbataa immo guyyaa Waaqayyoof galata itti dhiyeessinu.
3. Wanti biyya Misirii irratti dha'icha fide yeroo baayye waan isaan waaqeffatan. Fakkenyaaf: Laga Abbaayii, Raacha baayyee, Korommii fi waan biraallee ilaaluu ni dandeenya.

Seera Leewwotaa

Maqaan Kitaaba kanaa kan gosa Leewwotaa irraa fudhatame.

Kan barreesse: Muusee dha.

Bara itti barreeffame: Tilmaamaan dhaloota Kiristoosiitiin dura 1425 ta'uu hin oolu.

Jechoota Furtuu Kitaaba kanaa: «Woyyummaa/Qulqullummaa» fi «Naamusa/ Seera»

- Woyyummaan/ qulqullummaan Kitaaba kana keessatti yeroo 87 barreeffamee argina.
- Naamusa/Seerri immo yeroo 45 barreeffameera.

Yaada ijoo: Waan Ummata Israa'elii dubbachuu dha.

Dubbii walduraa duubaa/ outline

1. Ciincaalee akaakuu sanii. (Boqo. 1-7)
2. Seerota Lubootaa/Gadootaa. (Boqo. 8-10)
3. Seerota gara garaa kan Israa'elii kennaman. (Boqo. 11-22)
4. Ayyaanota Warra Ayihuudii. (Boqo. 23)
5. Seerota yeroo worri Israa'elii gara biyya abdii isaanii galan akka eeganiif isaaniif kenname. (Boqo.24-27

Yaadannoo

1. Ciincaan kimiiyyuu hijii Kiristoosii mul'isa.
2. 2.Seeronni kunniin ummata Ayihuudiitii fi worroota isaan wojjiin jiraataa turan(Warra Ayihuudota hin taane) qofaaf maleekan biraatii yookaan Addunyaa kanaaf hin kennamne. Kana jechuun heeraa fi Seera akka ittiin bulaniif Waaqayyo Karaa Muuseetiin isaanii kenne.
   Ummanni Yihuudiiummata kaawwan irraa adda.Waaqayyos kophaa isaaniititti isaan ilaale.
   Fakkeenyaaf: dhagna qabuunii fi Sambata eeguun malkata addaa kan ummata

Email: danbiblecoll@gmail.com / eliel0607generation@gmail.com
Cell Phone:- +251-468-217-144/+251-926-54-54-40; P.o.b. 2209 Hawassa, Ethiopia.

Yihuudiiti. (Se. Um.17:9-14; Se.Ba. 31:12-17)

3. Bineensonnii fi Allaattiiwwan qulqulluu ta'anii (Kan nyaattamaniif) Kan qulqulluu hin taane (Kan hin nyaattamne) adda fooyamanii turan. Seera kana Kiristoostu diige. (Mar.7:19 akkasuma Hu.er 10:12-15.)

Seera Lakkoofsaa

Kan barreesse: Muusee dha.

Barri itti barreeffame: Tilmaamaan daloota Kiristoosiitiin dura bara 1425.

Yaada Ijoo: Ummanni Israa'elii gaara Siinaa irraa ka'anii hanga gara biyya Kana'aanii galanitti seenaa woggaa afurtamaaf raawwatame ibsuu dha. Dubbiin ijoon nuti asirraa barannu Yommuu Waaqayyotti amanne; hunna, Kaayyoo fi geggeessuu isaatiin jireenya keenya keessatti akka jiraatuu fi dhuma irratti ristii keenya dhaaluu danda'uu keenya.

Dubbii walduraa duubaa/ outline

1. Wantoota gara garaa kan mootummaan gurmeesse (Boqo. 1-6)
2. Gara Paalaastiinaa deemsa jalqabii isaanii (Boqo. 11)
3. Diduu Aaroonii fi Maariyaamii (Boqo. 12)
4. Basaastota gara lafa abdii ergaman (Boqo. 13-14)
5. Lafa gammoojjii keessa naanna'uu isaanii (Boqo.15-25)
6. Dhaloota haarawaa fi gara lafa abdii galuuf qophaa'uu isaanii (Boqo. 26-36)

Yaadannoo:-

1. Fakkeenyoota Seena Qabeessa ta'an kan Kiristoosii
   a. Dhagaa Muuseen rukute (Boqo. 20:7-11; 1Qor. 10:4 ilaali)
   b. Bofa sibiila Naasii (Boqo.21:6-9; Yoh. 3:14 ilaali)
2. Namoonni wantoota torbatti gururi'an:-
   a. Karatti (Boqo. 11:1-3)
   b. Nyaatatti (Boqo. 11:4-6)
   c. Gugurdootatti/ jajjabootatti (Boqo. 13, 33)
   d. Geggeessitootatti (Boqo.16:3)
   e. Murtii Waaqayyootitti (Boqo.16:41)
   f. Lafa gammoojjii keessatti (20:2-5)
   g. Nyaata 'Mannaa' jehamutti (Boqo.21:5)
3. Magaalonni Ijoolleen Israa'elii laga gammoojjii keessatti itti dhufan maruu adha hin jiran badaniiran. Magaalota kanniin keessaa baayyeen isaanii namoota lafa qotaa qorannoo demsisaniin qotamanii badaniiran. Biyyoonni kunniin adha: lafa gogaa, lafa duwaa fi kan gatii hin qabne.

Email: danbiblecoll@gmail.com / eliel0607generation@gmail.com
Cell Phone:- +251-468-217-144/+251-926-54-54-40; P.o.b. 2209 Hawassa, Ethiopia.

Seera Keessa Deebii

Namoonni Barreessan: Maallaataa Muusee fi Iyyaasuu ta'uu hin oolu.

Bara Itti Barreeffame: Ijoolleen Israa'elii osoo gara lafa abdii hin galle dhaloota Kitistoosiitiin dura bara 1408tti.

Yaada Ijoo: Bornoota kitaabota arfan Muuseen barreessee irra deebi'ee dubbachuu dha.

1. Kitaabni Seera Uumamaa:- Waaqayyo warra Ayihuudii ummata kaawwan caalaa akka isaan qulqulloota ta'aniif akka filate ibsuu dha.
2. Kitaabni Seera Ba'uu: Akka fayyummaa argatanii fi akka Waaqayyo garbummaa jalaa isaan baase dubbata.
3. Kitaabni Seera Leewwotaa: Waa'ee qulqullummaa Waaqayyootii fi qulqullummaa namootaa dubbata.
4. Kitaabni Seera Lakkoofsaa: Geggeessuun Waaqayyoo akka namoota Waaqayyootiif argame dubbata.

Dubbii walduraa Duubaa/outline

1. Geggeessuu Muuseetiin seenaan ijoollee Israa'elii deebi'amee dubbatame.(Boqo.1-4)
2. Seeronni Waaqayyo kenne irra deddeebi'amee akka dubbatamu; Ummanni akka seera kana hordofan gorsa kennuu. (Boqo.5-26)
3. Filannoo namootaaf kenname; ajajamuun eebba argachuu, ajajamuu dhabuun immo abaarsa fudhachuu. (Boqo. 27-30)
4. Wantoonni ofi afoo raawwatuuf ta'an himame:-
   a. Du'a Muusee
   b. Akka Iyyaasuu human Waaqayyootiin aangoo argatee fi akka mooyate.
   c. Akka namoonni hafuuraan qabbanaa'anii fi akka adabaman. (Boqo.31)
5. Faaruu fi eebba Muusee kan dhumaa (Boqo.32-33)
6. Gaara Naabaa irratti Muuseen uduu lafa abdii ilaalu du'uu isaa. (Boqo.34)

Kitaaba Iyyaasuu

Kan Barreesse: Maallaataa Iyyaasuu ta'uu hin oolu. Sababiin isaas namni ijoon kitaaba kan keessa jiru Iyyasuu waan ta'eef. Iddoo 'Qaades Barnee' jedhamutti warra Israa'elii kan Waaqayyoon didan/dhiban keessaa namoonni hafan Iyyaasuu fi Kaaleeb qofa. (Seer.Lakko. 14:26-38 ilaali). «Iyyaasuu» Fayyummaa jechuu yoo ta'u maqaa «Iyyesuus» jedhuun wal fakkaata.

Bara Seenaan Kun Itti Raawwatame: Maallaataa dhaloota Kiristoosiitiin dura bara 1408titti

Email: danbiblecoll@gmail.com / eliel0607generation@gmail.com
Cell Phone:- +251-468-217-144/+251-926-54-54-40; P.o.b. 2209 Hawassa, Ethiopia.

fakkaata.

Yaada Ijoo: Gara lafa abdii deebi'uu fi moo'achuu dha. Yeroo Yaaqoob biyya Kana'aanii gad dhiisee gara biyya Misirii deeme baroota 400 tti dhiyaatee ture.

Dubbii Walduraa Duubaa/ outline

1. Laga Yordaanosii ce'anii biyya Kana'aanii gahan. (Boqo.1-5)
2. Kana'aaniin mooyachuu isaanii. (Boqo.6-12)
3. Biyyattii Akka gosoota Israa'eliititti qoqqoodamte. (Boqo. 13-22)
4. Gorsa Iyyaasuu kan dhumaatii fi du'uu isaa. (Boqo. 23-24)

Yaadannoo

1. Muusee fi Iyyaasuun Kiristoosiin fakkaatan. Fakkeenyaaf Muuseen warra Israa'elii garbummaa biyya misirii jalaa yoo baasu; Iyyaasuun immo gara lafa eebbaa isaan masakke.
2. Seerri gadoomaa kan hennaa Abrahaamii malkata ture ni haarawoome. (Boqo. 5)
3. Cubbuun hin himanne jireenya keenya keessa yommuu jiraate akka cubbuu dukkaanaa Akaanii keessa tureetitti yeroo hundaa gaddaa fi moo'atamuu fida. (Boqo. 7)

Kitaaba Abboota Murtii

Kan barreesse: Maallaataa Saamu'eel ta'a.

Bara Seenaan kun Itti Raawwatame: Kan barreesse jechuun Saamu'eel. Tilmaamaan dhaloota Kiristoosiitiin dura bara 1100 kan jiraate yemmuu ta'u Seenaan kitaaba kana keessatti argamu tilmaamaan seenaa bara 1383-1104 (jechuun seenaa baroota 230) tiif raawwatame.

Yaada Ijoo: Baniin Israa'elii akka mootii gaarii hin qabnee fi akka abboota murtiiWaaqayyo isaanii filee diintota isaanii jalaa isaan fayyise jalatti akka bulan ibsuu dha.

Yeroon gaddisiisaan kun dura Muusetti mul'atee ture. (Kes. Deb. 31:16-21) Jijjiiramni hafuuraa fi kan foonii ummata irratti raawwatame. Kunis akka asii gadii kanatti ibsama.

- ***Waaqayyoof ajajamanii,Diinota ofii moo'achaa fi Nagahaan jiraachuu***
- ***Waaqayyoon irraanfachuu fi Waaqolee biraa waqeffachuu,***
- ***Diinni isaan rakkisuu Warra isaan masakku Filee isaaniitti kaasuu***
- ***Cubbuu hojjatanii, aagii galanii eegasii Gargaarsaaf Waaqayyotti iyyuu***

Dubbii walduraa Duubaa/outline

1. Warri Israa'elii ajaja namoota Kana'aaniin keessa jiraatan sirima akka balleessaniif

Email: danbiblecoll@gmail.com / eliel0607generation@gmail.com
Cell Phone:- +251-468-217-144/+251-926-54-54-40; P.o.b. 2209 Hawassa, Ethiopia.

isaanitti kenname uduu hin raawwatin dhiisuu isaanii. (Boqo.1:1-2:5)
2. Mata-Dureen ijoon kitaaba kana keessa jiru: Waaqayyoon irraa fagaachuu, Baayyee dhiphachuu, cubbuu ofii himachuu, kan isaan bulchu isaaniif filacuu fi isaan fayyisuu dha.
3. Rakkoo isaanii kan jalqabaa; diintota isaanii kan Masaphexoomiyaa jalaa kan isaan fayyise, Daani'eel. (Boqo.3:7-11)
4. Rakkoo isaanii kan lammaffaa; diintonni warra Amoonii fi kan warra Amaaleqii akka isaanitti ka'an. Kan isaan fayyise Naa'ood. (Boqo.3:12-31)
5. Rakkoo isaanii kan sadaffaa; diintonni isaanii warra Kana'aaniiti. Kan isaan fayyise Dibooraa fi Baarqi. (Boqo. 4-5)
6. Rakkoo isaanii kan arfaffaa; diintonni isaanii waarra Miidiyaamiiti. Kan isaan fayyise Geedewoon. (Boqo. 6:1-8:32)
7. Rakkoo isaanii kan shanaffaa; diintonni isaani Abemelek. kan isaan fayyise Tolaa fi Iyyaa'ir. (Boqo.8:33-10:15)
8. Rakkoo isaanii kan jahaffaa; diintonni isaanii Warra Amooniiti, kan isaan fayyise Yooftaahee.(Boqo. 10:6-12:15)
9. Rakkoo isaanii kan torbaffaa; diintonni isaanii warra Filisxeemiiti. Kan isaan fayyise Somsoon. (Boqo. 13:16)
10. Fakkeenya namoonni Waaqayyotti amanachuu diduu isaanii. (Boqo. 17-18)
11. Seera naamusa namootaa. (Boqo. 19-20)

Kitaaba Ruutii

Kan barreesse: Hin beekkamu; maallaataa Saamu'eeliin ta'a.

Bara seenaan kun Itti Raaawwatame: Tilmaamaan dhaloota Kiristoosiitiin dura 1150-1100 bara abboota murtii gara naannoo dhumaati.

Yaada Ijoo: Waan dubartii/Shamara biyya ormaa kan nama Aiyihuudiititti heerumtee ibsuu dha. Isheen soddatii ishee faana deemtee gara biyya Kana'aanii dhaxxe; achitti Daawitii mootii guddaadhaaf akkawoo ta'uu dandeette.

Dubbii walduraa Duubaa/ outline

1. Maatiin Abemelekii biyya Mo'aabii keessatti. (Boqo. 1)
2. Akka Ruut maasaa Boo'eezii keessaa qarmii/soqatoo guuratte. (Boqo. 2)
3. Akka Ruuti Oobdii Boo'eezii keessa rafte. (Boqo. 3)
4. Akka Ruuti haadha manaa Boo'eezii taate. (Boqo. 4)

Yaadannoo:

1. Kitaaba kana keesa fakkeenya baayyetu jira.
   - Nuhaamiin: Kiristaana baqachu'uun gara Waaqa ofii deebi'utti fakkeeffamti.
   - Oorfaan: Nama cubbamaa eebba Waaqayyoo hin fudhanne fakkaatti.

Email: danbiblecoll@gmail.com / eliel0607generation@gmail.com
Cell Phone:- +251-468-217-144/+251-926-54-54-40; P.o.b. 2209 Hawassa, Ethiopia.

- Ruuti: Nama cubbamaa eebba Waaqayyoo fudhatu fakkaatti.
- Boo'eez: Kiristoosii fayyisaa cubbamtootaa fakkaata.

2. Ruutii fi Ra'aab sarara dhaloota Kiristoosiitiin warra Yihuudii hin taane turan. (Iyyaasuu 2:1 ilaali)
3. Warri Moo'aabii gosa Looxii obboleessa Abrahaamii turan. Isaan Waaqa dhugaa hin waaqeffanne. Haatauu malee ijoollee isaanii ciincaa dhiyeessaa waaqa biraa waaqeffataa turan.

Saamu'eelii Tokkoffaa

Barreessitoonni: Saamu'eel (Boqo. 1-24), Naatii fi Gaad (Boqo. 25-31).

Bara Seenaan kun Itti Raawwatame: Saamu'eel dhaloota Kiristoosiitiin dura bara 1068titti waan du'e fakkaata. Kitaaba kana keessatti seenaan dhaloota Kiristoosiitiin dura bara 1158-1063titti tureera.

Yaada Ijoo:

a. Dhumuu bara abboota nurtii. (Saamu'eel abbaa murtii kan dhumaati.)
b. Ka'uu raajotaa. (Saamu'eel raajii jalqabaa ture.)
c. Ka'uu moototaa. (Saa'ool mootii jalqabaa ture.)

Dubbii walduraa Duubaa/ outline

1. Eelii fi Saamu'eel. (Boqo. 1-7)
2. Saamu'eelii fi Saa'ool. (Boqo. 8-15) 3. Saa'oolii fi Daawit. (Boqo. 16-31)

Yaadannoo:

1. Maallaataa Eeliin bara Somsoonii keessa jiraate.
2. Fayyummaan kan hawaasummaa osoo hin taane kan dhuunfaa keenyaa ta'uu isaa ijoollee Eelii irraa barchuu ni dandeenya. Abbaan tokko jaalalloo Waaqayyoo gaarii yommuu ta'eyyuu Ilmi isaa amantii isaatiin fayyuu hin danda'u. Kanaafuu abboonnii fi hawwonni ijoollee teessan barumsa kiristaanaa gaarii isaan barsiisuu is itti gaafatamummaa qabdan jechuu dha. Waan kanniiniif ijoollee Eelii fi ijoollee Haannaa akka fakkeenyaatitti fudhannee wal bira qabuu ni dandeenya jechuu dha.
3. Yeroo san Saamu'eel «Mana Barumsaa Raajotaa» keessatti barsiisuu jalqabee ture. Wanti kun jireenya namoota bara san tureef waan ijoo ture. Manni marumsaa sun mana barumsa bu'uuraa kan adhaa fakkaata. Mana barumsaa san keessatti barumsa, dubbisuu, Barreessuu, akkasuma barumsi Kitaaba Qulqulluus kennamaa ture.
4. Seenaan Saa'oolii jalqabaa hanga dhumaa kan nama gaddisiisu ture. Sababni isaa namni akka isaa kasoon sun Waaqayyotti irkachuu dhiisee ufi tuulaa hunnaa fi beekkumsa ufiititti waan irkateef. Hundi keenyaa seenaa kana dubbisuu nu barbaachisa.
5. Faaruun Daawitii baayyeen kan barreeffaman yeroo Kitaabni kun barreeffame ture. Hujiin guddaan kun waan Daawit raawwate caalee haga adhaa yaadatama.

Email: danbiblecoll@gmail.com / eliel0607generation@gmail.com
Cell Phone:- +251-468-217-144/+251-926-54-54-40; P.o.b. 2209 Hawassa, Ethiopia.

Saamu'eelii Lammaffaa

Barreessaan: Hin beekkamne; akka oduu warra Ayihuudotaatitti Ermiyaasiin ta'a.

Bara Seenaan kun Itti Raawwatame: Dhaloota Kiristoosiitiin dura bara 1063-1023 (waggaa 40) keessa raawwatame.

Yaada Ijoo: Seenaa bulchiinsa Daawitii. (Seenaan kun deebi'ee, 1.sen. 11-29 keessatti argama.)

Dubbii walduraa Duubaa/outline

1. Daawit biyya Yihuudaa qofa akka waggaa torbaa bulche. (Yihuudaan gosa 12 keessaa isa tokko.) (Boqo. 1-4)
2. Moo'achuu Daawitii. (Boqo. 5-10)
3. Rakkoolee mootii. (Boqo. 11-19)
    a. Cubbuu mootichaatii fi Adabbii isa irra gahe. (Boqo. 11-12)
    b. Rakkoo amala ijoollee Daawitii Abeseloomii fi Aminooniin ka'e. (Boqo. 13-19)
4. Rakkoolee gugurdaa bara Daawit dhumairratti bulchu maudhata. (Dhibuu, hammeenna, diduu) (Boqo. 20-24)

Yaadannoo:

1. Boqonnaa 7:16 Kan waadaa Daawitii jedhame, achitti horteen/ fiixaa Daawitii akka mooyanii fi akka teessoo ulfinnaa irra taa'an Waaqayyo waan dubbateef. Kunis dhugamaan waan Gootaa keenyaa dubbata. Gooftaan keenya Yesuus Kiristoos haadha isaa maariyaamii fi abbaa isaa kadhimaa ishee Yooseefis hortee Daawitii irraa dhalatan. Eertuuwwan waadaa kanniiniif ta'an Faarfannaa Daawitii 89:3, 4:27-29, 34-37; Isa. 9:6,7, Erm.22:29, 23:5-6, luk. 1:30-33, akkasuma kaawwanis ilaali.
2. Yeroo san humni mootummaa biyya Misirii dadhabee ture, hennaa san mootonni jajjabaan akka mootummaa Asooriitii fi Baabiloonii hin kaane ture. Baniin Israa'elii Addunyaa hin bulchine. Haata'uu malee isaan ummata yeroo san turan caalaa jajjaboota turan. Lakkofsi isaanii hanga miliyoona shanii gaha ture.
3. Dhumarratti cubbuun Daawitii mootummaa isaa irratti gadda guddaa fide. Waaqayyo cubbuu isaa hin dhiiseef. Haata'uu immo ijji cubbuu isaatii fi hawwii isaa haga inni du'utti isa irraa hin fagaanne.
4. Faaruun Daawitii baayyeen kan barreeffameyeroo san ture. Hujiin guddaan kun hujii Daawit hojjate hundaa akka waan caaluutitti lakka'ama.

Mootota Tokkoffaa fi Mootota Lammaffaa

Kan barreesse: Maallaataa Ermiyaas ta'a; woma ta'es yoo ta'e kan kitaaba kana barreesse hin beekkamu.

Email: danbiblecoll@gmail.com / eliel0607generation@gmail.com
Cell Phone:- +251-468-217-144/+251-926-54-54-40; P.o.b. 2209 Hawassa, Ethiopia.

Bara Seenaan Itti Raawwatame: Dhaloota Kiristoosiitiin dura bara 1,023-594 (waggoota 429)keessa raawwatame.

Yaada Ijoo: Seenaa Israa'elii kan bara Daawit du'ee jalqabee hanga boojuu Israa'eliitii fi Baabilooniititti raawwatame ibsuu dha. Seenaan kunis Kitaaba Seenaa lammaffaa keessatti argama.

Dubbii walduraa duubaan/outline

1. Solomoon ilmi Daawitii moowuu, durummaa baayyee argachuu fi dhumarratti kufuu isaa. (1mot.1-11)
2. Qoqqoodamuu ummata Ayihuudii. (1mot. 12-16)
3. Jireenyaa fi hujii raajicha Eliyaasii. (2mot. 17- 2.mot. 2)
4. Jireenyaa fi hujii Elsaa'ii. (2mot. 3-13)
5. Israa'el akka salphattee fi dhaloota Kiristoosiitiin dura bara 122 magaalaan samaariyaa akka warra Sooriyaatiin booji'amte. (2mot. 14-17)
6. Salphachuu biyya Ayihuudii fi Magaala isaanii guddoo mootiin Baabiloonii Nabukadanaatsr dhaloota Kiristoosiitiin dura bara 594tti akka isaan jalaa booji'e. (2mot. 18-25)

Yaadannoo:

1. Ogummaa Waaqayyo isaaf kenneen mootummaan Solomoonii baayyee kan gurra dhagayate ture. Dhumarratti garuu biyyi suni gara waan biraa deebi'anii Solomoonis jireenyi isaa gaddaan guuttamee ture. (Fakkeenyaaf Kitaaba Lallabaa ilaali.) Sababa kanaaf biyyi bakka lamatti qoodamuu danda'e. Kun kan nutti mul'isu hagamis yemmuu ogummaaqabaannes, ogummaa sana yoo Waaqayyoof hin oolchine nuti dadhabdootaa fi warra kufu ta'uu keenya mul'isa.
2. - Mootummaan Israa'elii yeroo bara Saa'oolii, Daawitiitii fi bara mooticha Solomoonii guddiftee walii galtee turte. Isaan hundinuu waggoota afurtamaa bulchan.
   - Mootummaan isaanii haga qoqqoodameen booda mootummaa gara kibbaa warri Baabiloonii booji'ee waggoota 389 hennaa turu, Mootummaan gara kaabaa warra Sooriyaatiin booji'amee haga waggoota 254 tureera.
   - Yihuudan gosa Daawitii keessaa tokko ta'ee mootummaahorte tokko qofaati. Warri Israa'elii immo mootummaa hortee sagalii qabdi.
   - Gosa Yihuudaa keessaa mootota kudha sagalii fi mootittiin takka yommuu mooyan gariin isaanii; warra gaarii, gariin isaanii; warra hammeeyyii, gariin isaanii warra lash jedhamii fi warra amshaaggota turan. Lakkoofsi mootota Israa'elii kudha sagal yemmuu ta'an isaan hundinuu warra babbadaa turan.
   - Namoonni Yihuudaa henna sadihii gara Waaqayyoo deebi'anii jireenya ofii

Email: danbiblecoll@gmail.com / eliel0607generation@gmail.com
Cell Phone:- +251-468-217-144/+251-926-54-54-40; P.o.b. 2209 Hawassa, Ethiopia.

haarawoomsanii turan. Hennaan sunis henna bara mootii Aasaa fi henna bara mootii Iyyoosaafixii ture. (2Sen. 14, 15, 17,20)mootummaan gara kaabaa immo yeroo kamuu hin haarawoomne.

3. Hennaa bara mootummaan isaanii addaan qoqqoodaman raajota baayyetu ture. Raajonni kunniin haala mootummaa sanii barreessaniiran. Isaanis: Eeliyaas, Elsaa'I, Iyyu'eel Yoonaas, Amoots, Hoosee, Isaayyaas, Mikkiyaas, Ermiyaas, Naahoom, Sofoniyaasii fi Imbaaqoom fa'a turan.
4. Daani'eelii fi hiriyyoonni isaa uduu Yerusaalem hin kufneen duratti booji'amanii dhaloota Kiristoosiitiin dura bara 614tti gara biyya Baabiloonii dhaqanii turan. Akkasuma Hisqeelii fi Mardokiyoos (Fira Asteerii) henna hagoo booddee dhaloota Kiristoosiitiin dura bara 594tti gara biyya Baabiloonii dhaqan.

Seenaa Baraa Tokkoffaa fi Seenaa baraa Lammaffaa

Kan Barreessee: Maallaataa Izraa dha.

Yaada Ijoo: Waa'ee mootii Yihuudaa kan gosa Waaqaa ta'e; keessattuu waan mootummaa Yihuudaa kan dhufa Masihichaatiif abdii qabuuti.(Mootummaan Yihuudaa mootummaa gara kibbaa ture.)

Bara Seenaan Kun Itti Raawwatame: Seenaan kun akkauma mootota 1ffaa fi mootota 2ffaati. Kunis; dhaloota Kiristoosiitiin dura bara 1103 hanga 594ti.

Dubbii Walduraa Duubaa/outline

1. Mootummaa durii kan Yihuudotaa. (1sen. 1-9)
2. Dhuma Mootummaa Saa'oolii. (1sen. 10)
3. Mootummaa Daawitii. (1sen. 11-29)
4. Mootummaa Solomoonii. (2sen. 1-9)
5. Bulchiinsa mootota Yihuudaa hanga mootummoonni isaanii addaan qoodameen boodaa. (2sen. 10-36)

Yaadannoo: Seenaan baayyeen kitaaba moototaa keessatti argamu; Seenaa 1ffaa fi Seenaa 2ffaa keessattis ni argama. Ta'us Kitaabni seenaa kun waan seera amantii fi wantoota Hafuuraa baayyinnaan ibsa; Kitaabni moototaa immo waan bulchiinsa moototaa sirritti ibsa.

Kitaaba Izraa

Kan Barreesse: Lubicha/gadicha Izraa dha. Kitaaba kanaan alatti Faarfannaa 119 fi kitaaba Seenaa 1ffaa fi 2ffaallee barreesseera.

Bara Seenaan Kun Itti Raawwatame: Seenaan kun dhaloota Kiristoosiitiin dura bara 544-466tti (waggoota 78tiif) raawwatame.

Email: danbiblecoll@gmail.com / eliel0607generation@gmail.com
Cell Phone:- +251-468-217-144/+251-926-54-54-40; P.o.b. 2209 Hawassa, Ethiopia.

Dubbii walduraa Duubaa/outline

1. Dhaloota Kiristoosiitiin dura Ayihuudonni 50,000 eeyyama Qiroosii mootii Faarisiitiin Zarubaabel isaan masakkee gara biyya Kana'aanii deebi'uu isaanii. (Boqo. 1-2)
2. Yoma namoonni Samaariyaa mormaniyyuu Yerusaalemitti Mana Waaqeffannaa ijaaraniiran. (Boqo. 3-6)
3. Dhaloota Kiristoosiitiin dura bara 466tti akkaataa mootichi Arxeksis eeyyameen Ayihuudonni 2000 Izraan isaanmasakkee gara Kana'aanii deebi'uu isaaniitii fi jireenya hafuuraatiin haarawoomuu isaanii. (Boqo. 7-10)

Yaadannoo

1. Kitaabota boojuun booda barreeffaman keessaa Izraan kitaaba jalqabaati. (Kitaabonni kuuwwanis jechuun: Nahimiyaa, Asteer, Hagee, Zakkaariyaas, Milkiyaas. Kitaabonni kunniin isatti aananii akkaataa walduraa duuba isaaniitiin barreeffaman.) Kitaabni Hagee fi Zakkaariyaas yeroo manni qulqullummaa ijaaramu namoota jajjabeessuuf barreeffaman. (Boqo. 3-6)
2. Mootiin Baabiloonii kan dhaloota Kiristoosiitiin dura bara 594tti Yerusaalemiin mooyate; dhaloota Kiristoosiitiin dura bara 544tti mootii Faarisiitii fi mootii meedoonii harkatti kufe. Bulchaan Qiroos jedhamu mootichi haarofni akkuma Isaayyaas 44:28-45:4 waggaa dhibba tokkoon duratti raga dubbate warri Ayihuudotaa gara Paalaastiinaa akka deebi'an eeyyame. Haata'uu immo namoonni baayyeen achumatti hafan.
3. Boqonnaa 6 fi 7 jiddutti kitaabni Asteerii barreeffame. Seenaan kun waggaa 58 fixe.Kanatti aansee raajichi daani'eel kan jiraate, kan hujiin inni hojjatee fi kan Kitaaba barreesse yeroma sanatti.

Kitaaba Nahimiyaa

Kan Barreesse: Nahimiyaa dha.

Bara Seenaan Kun Itti Raawwatame: Seenaan kun dhaloota Kiristoosiitiin dura bara 453-428 (woggoota 25f) raawwatame.

Yaada Ijoo: Dallawa Yerusaalemii Nahimiyatu ijaare. Kunis eeyyama mootii Faarisii Arxeeksisiin ture.

Dubbii walduraa Duubaa/ outline

1. Nahimiyaan magaalaa Yerusaalemiitiif gadduu isaatii fi deebi'ee dhufuuf eeyyama gaafachuu isaa. (Boqo. 1-2)
2. Dalloofni Yerusaalemii ijaaramuu fi Diintonni Ayihuudii mormuu isaanii. (Boqo. 3-7)
3. Jireenya hafuuraa gaarii kan yeroo Izraan geggeessu taasifamee fi jijjiiramuu ummataa.

Email: danbiblecoll@gmail.com / eliel0607generation@gmail.com
Cell Phone:- +251-468-217-144/+251-926-54-54-40; P.o.b. 2209 Hawassa, Ethiopia.

(Boqo.8-13)

Yaadannoo:

1. Nahimiyaan Izraan booda waggoota kudha shanii Baabilooniin keessa jiraatee deebi'e. Yeroo sanIzraan Luba ture.
2. Hujiin Izraa waan hafuuraa yoo ta'u hujiin Nahimiyaa immo bulchiinsa. Ta'ullee Nahimiyaan baayyee nama hafuuraa ture. Akkasuma namni addunyaa kana irra jiraatu hundinuu lallabaallee yoo ta'e eenyus woma kamiinis yoo ta'e humna ofiitiin osoo hin taane humna Waaqayyootiin dhaadataa hujii hundaa akka nama hafuuraatitti hojjachuun barbaachisaa dha.
3. Ajanyi mootichi Arxeksis waan ijaarsa Yerusaalemii boqonnaa 2:5-8tti. Kenne; raga Kitaaba Daani'eelii boqonnaa 9:24-27 keessatti argamuuf furtuu ta'a. (Kitaaba Daani'eelii yaadannoo 7 ilaali.)
4. Diintonni Nahimiyaa kan Xoobbiyaa fi Sanbalaax jedhaman bulchoota Samaariyaa turan. Samaariyaan Yersaalemiin irraa Kiilomeetira 50 fagaattee gara kaabaatitti argamti. Bulchoonni Samaariyaa sunniin duraan namoota Ayihuudiin keessa jiraatanii fi booddee immo warra womaawomtee woliin wal fuudhanii warra fooyamanii fi Yerusaalem deebitee ijaaramtee akka hin jabaanne warra barbaadan turan. Namoonni kunniin warra womaawomtee walii haala fuudhaa fi heerumaatiin wan tokko ta'aniif warra Yihuudii waliin tokko ta'anii mana Qulqullummaa Yerusaalemii keesatti sagaduu hin danda'an turan. Diinummaan namoota Ayihuudiitii fi namoota samaariyaa dhimmuma kana irrati hennama san ture.(Yoh. 4, 9 ilaali)

Kitaaba Asteerii

Kan barreesse: Hin beekkamu.

Bara Seenaan Itti Raawwatame: Dhaloota Kiristoosiitiin dura 492-472 (waggoota 20f) raawwatame.

Yaada Ijoo: mana mootummaa mootichaa keessaa karaa mucattii/intala Asteer jedhamtuun akkamitti akka Waaqayyo ummata ofii fayyise ibsuu dha.

Dubbii walduraa Duubaa/outline

1. Mucattiin/ intalti abbaa fi haadha hin qabne akkamitti akka mootitti Faarisii jedhamuu dandeette. (Boqo.1:1-2:1-20)
2. Dhiibbaa mooticha irratti taasisanii fi gargaarsa mardokiyoos firtichi Asteerii godhe. (Boqo.2:21-23)
3. Ofi tuuluu guddaa Haamaa fi seera akka ummanni Ayihuudii baduuf mooticha yaadachiise. (Boqo. 3)
4. Karoora Asteer firtoota ofii oolchuuf karoorfatte. (Boqo. 4-5)

Email: danbiblecoll@gmail.com / eliel0607generation@gmail.com
Cell Phone:- +251-468-217-144/+251-926-54-54-40; P.o.b. 2209 Hawassa, Ethiopia.

5. Kufaatii Haamaa, Fayyuu warra Ayihuudii fi ulfaachuu Mardokiyoosii. (Boqo. 6-10)

Yaadannoo:

1. Kitaaba Qulqulluu keessatti kitaabni kunii fi kitaabni Weedduu weedduu caalu kan maqaan Waaqaatii fi kadhaan keessatti hin argamne.
2. Ahashiwiroos kitaaba qulqulluu jalqabaa keessatti maqaa kanaan yoo beekkamu kitaaba Qulqulluu haarawa keessatti immo Arxeksis jedhameera. Kanaafuu Arxeksisiin kun akka kitaaba Izraa keessa hin jirre hubachuun barbaachisaa dha. Kitaaba Addunyaa keessatti maqaa Zarses jedhamuun beekkama ture. Innis yeroo godina Griikii mooyachuuf yaalaa ture akka mooyatamee hafe seenaan nutti hima. Ayyaanni boqonnaa tokko keessatti taasifame duula Aurooppaa kan jalqabaa kabajjuuf ture. Inni duulaa deebi'ee waggaa kudha arfaffaatitti Asteeriin fuudhe.
3. Seenaan Asteerii Kitaaba Izraa boqonnaa jahaa fi boqonnaa torba jiddutti raawwatame.
4. Ayyaanni yeroo san warri Ayihuudii waan fayyummaa isaaniitiif taasisan; hanga adhaa Ayihuudota Addunyaa keessa jiran hundaa biratti ni kabajjama.

Kitaaba Iyyoobii

Kan barreesse: Hin beekkamu.

Bara Itti Barreeffame: Hin beekkamu; haata'uu immo hayyoonni yeroo Abrahaamii, yeroo Yisaaqii yookaan yeroo Yaaqoobii ta'uu hin oolu jedhanii yaadan.

Yaada Ijoo: Kutaan jalqabaa Iyyoobii nama Waaqayyoo fedha Waaqaatiin akkamitti akka seexanni isa rakkise hima; Kutaan ijoon kitaaba kanaa hiriyyoonni Iyyoobii cubbuu Iyyoobiin irratti rakkoo guddaa kana fide arguudhaaf yaaluu isaanii dubbata. Iyoob mataan isaatuu yaada kana guddisee mormus dhugamaan bu'urri rakkoo guddaa kanaa maal akka ta'e beekuu hin dandeenye; namoota kanniin keessaa namni tokkos kan Iyyoobiin rakkisaaru seexana akka ta'e hin hubanne.

Dubbii walduraa Duubaa/outline

1. Haala Iyyoobiitii fi Waaqayyoon afotti akka seexanni isa imate. (Boqo. 1-2)
2. Gorsa firtoota Iyyoobii. (Boqo. 3-37)
3. Akka Iyyoob Waaqayyoon afotti salphate. (Boqo. 38-41)
4. Firii dhumaa kan Iyyoobiitii fi kan maatii isaa. (Boqo. 42)

Barumsa Ijoo Kitaabni Kun Qabu

a. Kitaaba kana kessatti seexanni akka guddisee nama jibbuu fi akka namarratti human guddaa qabu ibsa.
b. Waaqayyo namoota hammeeyyii qofa uduu hin taane henna tokko tokko namoota

Email: danbiblecoll@gmail.com / eliel0607generation@gmail.com
Cell Phone:- +251-468-217-144/+251-926-54-54-40; P.o.b. 2209 Hawassa, Ethiopia.

gaariillee rakkoon akkanaa kun akka isaan irra gahu eeyyama.

c. Namoonni qajeellonni akka Iyyoobii kunniin hijii isaanii mishaa fi obsuu isaaniitiin boonuu barbaadan; haata'uu immo aagii galuu isaan barbaachisa.
d. Namni kamuu rakkoo ofii obsaa fi nagayaan yoo fudhate jireenyaa fi amala ofii gaariidhaan firii gaarii argata.
e. Seexanni akka nuti Waaqayyoon abdannu kana guddisee waan jibbuuf yoo Waaqayyo nu hin eegnee fi nurraa hin dhooggine yoma san nuballeessa.

Faarfannaa Daawiit

Warri Barreessan: Faarfannaan Daawitii faaruuwwan **150** kan ofi keessaa qabu yemmuu ta'u; kanniin keessaa Daawi Faaruu **73** qofa, Solomoon faaruu **2,** Muuseen faaruu **1**, barreessitoonni kuuwwan immo faaruuwwan adda addaa 24 barreessan. Haata'uu immo faaruuwwan **50** kan barreesse hin beekkamu.

Bara Itti Barreeffame: Yeroon kitaabni kun itti barreeffame murtaayee wanti beekkamu hin jiru; ta'us baayyeen isaanii woggoota 200 keessa daawitii hanga Hisqiyaasiititti barreeffaman.

Dubbii Walduraa Duubaa/outline

Kitaabni faaruu kun akka jalqabaa fi dhuma faaruu galataatiin bakka **shanitti** qoodamuu danda'a. Isaanis:

a. Faaruu 1- 41
b. Faaruu 42- 72
c. Faaruu 73-89
d. Faaruu 90-106
e. Faaruu 107-150

Kitaabni faaruu kun kitaabota kaawwan shanan woliin tokko ta'anii **kitaabota wolaloo** jedhaman; Wolaloon keenya dhumarratti tokkummaa sagalee qabaatan. Wolaloon Ibraayisxii wolaloo keenyaan adda; wolaloon isaanii yaadaa fi jechaan yeroo laallaman akka wolaloo biyya keenyaa qubeen dhuma wolaloo walfakkaatuu akka isaan barbaachisu; kan isaanii qubeen wal hin fakkaatu.

Kitaaba Fakkeenyaa

Kan Barreesse: Barreessaan ijoon Solomoon; barreessitoonni biraallee yaada kitaaba kana keessatti argaman eda'aniiran.Barreessitoota kanniin keessaa tokko mooticha Limu'eel. Barreessitoonni kunniin warra bara san dhugaan barreessa osoo hin ta'in bara sanitti fakkeenyota baayyee yeroo sanitti nama maalalchiisan geggeessuu Hafuura Qulqulluutiin barreessan.

Email: danbiblecoll@gmail.com / eliel0607generation@gmail.com
Cell Phone:- +251-468-217-144/+251-926-54-54-40; P.o.b. 2209 Hawassa, Ethiopia.

Bara Itti Barreeffame: Yeroon kitaabni kun itti barreeffame kan murtaayee miti.Haata'uu immo fakkeenyonni namni baayyee itti fayyadamu kitaaba kana keessatti barreeffamaniiran.

Dubbii Walduraa Duubaa/outline:

Kitaaba kana akka kitaaba Faaruu Daawitii salphamatti addaa qoqqooduun yoma nama dhibellee; akka asii gadiititti qoqqoodamuu danda'a.

a. Gorsa ijoolleef kenname. (Boqo. 1-7).
b. Waa'ee guddinna ogummaa. (Boqo. 8 fi 9).
c. Cubbuun sobamuu fi du'aa isaa. (Boqo. 10-19).
d. Gorsaa fi adabbii. (Boqo. 20-29).
e. Fakkeenyota Agur dubbate. (Boqo.30).
f. Fakkeenyota mootichi Limu'el dubbate. (Boqo. 31).

Kitaaba Lallabaa

Kan Barreesse: Solomooniin ta'uu hin oolu.

Bara Itti Barreeffame: Naannoo dhuma jireenya Solomoonii dhaloota Kiristoosiitiin dura bara 990tti fakkaata.

Yaada Ijoo: Kitaabni kun yaadaa fi ilaalcha namoota jireenya Addunyaa kanaa hin beeknee dubbata; Waan seeraan ala raawwatamuu fi waan arge hundaaf hin yaada. Gammachuu, durummaa fi waan Addunyaa kanaa hunda argachuuf akkamitti akka yaale ni dubbata; ta'ullee hundinuu duwwaa dha.Innis fayyummaa fi gammachuu xiqqoo argachuu qofaaf akka busaawaatitti uduu du'uun jiraachuu baatee jedhaa yaada.

Dhumarratti Waaqayyoon sodaachuun waan hundaa akka caaluu fi seera isaa raawwachuun amala nama hundaa akka ta'e ibsa. (Boqo. 12:13)

Namni kitaaba kana barreesse yeroo tokko akka Waaqayyoon Hafuuraan wal qunnamee fi akka innis isatti dhiyaate ni mul'ata; Kunis yaadaan malee fooniin hin turre. Achiin booda haga Waaqayyoon irraa fooyame haalli jireenya isaa harkaa bade.

Barnoota Kitaaba Kana Keessatti Argamu

Addunyaa kana irra ijjannoo jireenyaa **saditu** jira; isaanis:-

1. Ijjannoo jiraanya Fedha Waaqayyoo qofaan geggeeffamuudhaan gammachuu dhugaa argamsiisu.
2. Ijjannoo jireenya fedha foonii qofa dheebuu baasuuf gammachuu Addunyaa kanaa kan yeroof argamee badu ari'uun beekkamu.

Email: danbiblecoll@gmail.com / eliel0607generation@gmail.com
Cell Phone:- +251-468-217-144/+251-926-54-54-40; P.o.b. 2209 Hawassa, Ethiopia.

3. Ijjannoo jireenya nagahaa fi gammachuu Waaqayyoon argamu kan argamsiifnee fi akkasuma gammachuu Addunyaa tanaa argachuuf yeroo yaalanis kan hin qajeelleef, akkasumatti jiddu galeessatti rarra'ee kan jiraatuu dha.

Weedduu Weedduu Caalu

Kan Barreesse: Solomoon

Bara Itti Barreeffame: Tilmaamaan dhaloota Kiristoosiitiin dura bara 1,000tti.

Yaada Ijoo: Kitaabni kun maqaa Waaqayyoo of keessaa hin qabu; haata'uu malee seenaan isa keessatti argamu fakkeenya kiristaanummaatiin yeroo fudhatamebaayyee faayidaa qaba. Fakkeenyaaf mee seenaa kitaaba kana keessatti argamu keessaa tokko haa ilaalluu:-

Solomoon biyya ofii keessaa yeroo gara kaabaa deemee mucattii takka aege; henna deebi'ee dhufu ishee haawwota manaa isaa keessaa akka takkaa taasifachuudhaaf gara Yerusaalemii qabatee dhufee akka ishee baayyee isa jaallattu gochuudhaafbaayyee yaale. Haata'uu immo isheen nama dura ishee kaadhimate yookaan immo kan isheen abdii kenniteef (tissee hoolotaa) yaadataa Solomooniin garaa guutuun hin jaallanne. Kana booddee jalalloo ishee kan duraa san argachuudhaaf (isatti akka heerumtuuf) mootichi eeyyameef.

Wanti kun adha nuuf fakkeenya guddaa qaba; dubartiin bareeddu tuni Kiristaanatti fakkeeffamti; Tisseen immo Kiristoositti fakkeeffama.Solomoon yaada dhuunfaa fi gammachuu fi usheexxuu Addunyyaa tanaa fakkaata;Nutis akkasuma yeroodhaaf akka addunyaa tana irra jiraannu nu taasise; haata'uu immo Gooftaa keenya Yesuus Kiristoosiif amanamtoota ta'uu nubarbaachisa; garaa keenya guutuun gara isaa deebi'uu nubarbaachisa.

Kitaaboota Raajotaa

Isaayyaas raajicha jalqabaatii miti. Baayyinni isaanii duris namoota Waaqayyoo jedhamaa wamamaa turan. Raajonni kunniin fakkeenyaaf:- Muusee, Heenook, Saamu'eel, Daawitii fi kan biraallee ni jiru. Raajonni kunniin hundinuu waan ofi afoo ta'u hundaa dubbataniiran. Kakuu Moofaa keessa kitaabonni raga dubbatan ni jiru; Kitaabonni Isaayyaasiin irraa jalqabee hanga Milkiyaasii jiran hunduu Kitaabota raagaa jedhaman.

Kitaabonni raagaa akka guddinaa fi diqqinna isaaniitiin Isaayaasiin irraa jalqabee hanga Daani'eliii raatttoota gugurdaa; Hoosee irraa jalqabee hanga Mikkiyaasii raattota xixiqqaa jedhamaniiran. Qoqqoodamiinsi kana caalaa gaarii immo akka boojuu Baabiloonii ta'a.

a. **Boojuun duratti**

   1ffaa: Yihuudaaf jechuun mootummaa gara kibbaatiif warri ergaman: Iyyu'eel, Isaayyaas, Ermiyaas, Mikkiyaas, Naahoom, Imbaaqoomii fi Sofoniyaas fa'a.

Email: danbiblecoll@gmail.com / eliel0607generation@gmail.com
Cell Phone:- +251-468-217-144/+251-926-54-54-40; P.o.b. 2209 Hawassa, Ethiopia.

2ffaa: Israa'eliif jechuun mootummaa gara bahaatiif warri ergaman: Hoosee, Amootsii fi Abdiyyuu fa'a.

3ffaa: kan Nanawweef ergame Yoonaasii dha.

b. **Yeroo boojuu**: Hisqeelii fi Daani'eel.

c. **Boojuun booddee**: Hagee, Zakkaariyaasii fi Milkiyaas fa'a.

Hujiin Raajotaa maal fa'a?Hujiin isaanii baay'ee ture.

1. Yeroo namoonni karaa Waaqayyoo dhiisanii cubbuu irratti kufan yookaan immo yeroo Waaqa dhugaa irraa deebi'an raajonni ergamaa turan. Yeroo gara ummataa dhufan namoonni karaa hamaa cubbuu isaanii irraa deebi'anii gara Waaqayyoo akka deebi'an gorsuun hujii isaaniiti. (Fakkeenyaaf Yoonaasiin ilaali.)
2. Raajonni yeroo tokko tokko bikka lubaa yookaan immo bulchoota afotti akka ilma mootii ta'aa turan. Yeroo Waaqayyo ergaa ofii gara mootota erguu barbaade, yookaan yeroo mootota waan barbaade gaafachuu barbaade raajonni ergamtoota isaati. (Fakkeenyaaf, 2mot. 20:12-19 ilaali.)
3. Hujiin raajotaa waan ofo afoo ta'u beeksisuu dha. Hujii fi beekkumsa hujii Waaqayyoon irraa argatan. (2phex. 1:21)

   Raajonni Waan Mata Duree **Sadihii** Dubbataniiran:-

   1. Waa'ee ummata Ayihuudii Kan Waaqayyo filatee.
   2. Waa'ee ummata Israa'elii tuqanii.
   3. Waa'ee masihichaati.

Kitaabonni kudha tokkoo kan Kakuu Moofaa keessatti argaman akkaataa kanaan barreeffaman. Kanas ta'ee raajonni baay'een waan ofii barreessanuu hin hubanne; isaaniifuu hin ifne; waa'ee kanaa Hafuurri Qulqulluun 1phex. 1:10-12 keessatti ni dubbata.

Iyyu'eel Raajicha

Kan Barreesse: Akka raajicha Iyyu'eeliin ta'e kitaaba kana (Boqo. 1:1) keessatti ni dubbata.

Bara Itti Barreeffame: Jalqaba barreeffamuu isaatii fi booddee barreeffamuu isaa raga hin argannu. Akka beettonni baay'een itti yaadanitti raajota kaawwaniin booddee jechuun Milkiyaasiinille booddee akka ta'etti yaadan; nuti immo Kitaabota raajotaa kaawwaniin dura dhaloota Kiristoosiitiin dura bara 843-808 tti waan barreeffame nutty fakkaata. Kitaabni kun mootota Yihuudaa kan gara kibbaatiin jiran:- Iyyo'aas, Amesiyaas, Ooziyaa fi ummataafillee barreefameera. (2Sen. 24-26)

Yaada Ijoo: Raajichi Iyyu'eel akkuma raajota Kakuu Koofaa keessatti argamanii yeroma tokko waan fagootii fi waan dhiyoo ibsa. Yaanni isa guddisee waan gad fagoo ta'eef akkuma amma nurakkisu kana isaanillee baay'ee rakkisaa tureera. Adhallee waan raawwatame addaan baafnee beekuuf baayyee rakkisaa ta'ee nutti mul'ata.

Email: danbiblecoll@gmail.com / eliel0607generation@gmail.com
Cell Phone:- +251-468-217-144/+251-926-54-54-40; P.o.b. 2209 Hawassa, Ethiopia.

Dubbii Walduraa Duubaa/outline

1. Fakkeenya adabbii murtii caaluu ta'uudhaan ergamuu korophiisaatii fi dhabamuu Roobaa.(Boqo.1)
2. Dhufa guyyaa Googtaa. (Boqo. 2.)
3. Firii guyyaa Gooftaa. (Boqo. 3).
    a. Adabbii fi murtii warra Yihuudota hin taanetti dhufe.
    b. Jsaijjiiramuu ummata Waaqayyoo.

Yaadannoo:

1. Raajoonni Iyyu'eeliin dubbataman gari gariin yoma ofiin of ibsuu baataniyyuu; kitaabota booddee barreeffamaniin ibsamaniiran. Fakkeenyaaf waan Iyyu'eelii 2:11 keessatti jedhame Mul'ata Yohannis 19:11-21 ilaali. Akkasuma Iyyu'eel 2:30-32 jiru Yohaannisii 6:9-17 kan kenname wojjiin wal madaali.
2. «Guyyaa Gooftaa» Deebi'ee dhufuu Gooftaa keenyaatii jalqabee (Mat. 24:29-30). Murtii ummata irratti taasifamu, (Mat 25:31-46), waan mootummaa woggaa kumaa jiraatuu (Mul'ata Yoha. 20:1-6), Ka'iinsaa fi murtii dhumaa (Mul'ata. Yohan.20:11-15), Akkasuma lafti haarofni uumamuutitti henna jiru mul'isa(Mul'ata. 21),
3. Hujii Pheexiroos guyyaa Pheenxeqoosxeetitti, Hu.er. 2:16-18 hojjate Kitaaba Iyyu'eelii 2:28-29; bara dhumaatitti akkuma Hafuura kiyya dhangalaasa jedhe ergamoonni: Afaan, laagaa haarawaa fi qoonqa adda addaa beekuun wanti inni jedhe raawwatame. Ta'ulle raanni kun henna sanitti hin raawwatamne.

Yoonaasii Raajicha

Kan Barreesse: Yoonaasii dha. «Yoonaas »jechuun handarii jechuu dha; gofti isaa gosa gara bahaa mootummaa gosa Baabiloonii keessa.

Bara Itti Barreeffame: Kitaabni kun kan barreeffame bara mootummaa Roobi'aamii lammaffaa keessa. Barri sun dhaloota Kiristoosiitiin dura bara 831-790tti ture.Yoonaas bara raajonni Iyyu'eel,Amootsii fi bara raajii Hoosee akka jiraate hin beekkama.

Yaada Ijoo: Kitaabni kun seenaa raajichaa dubbata. Yoonaas akka gara biyya Nanawwee deeme e barsiiduu fi akka baniin/ ummanni ajajaa gara Waaqayyoo deebi'uun Waaqayyoon irraa fudhatee raawwachuu didee garaa jabaatee gara biyya biraa deeme. Haata'uu malee dhumarratti ummata gara Waaqayyoo deebise. Yoma lallabni isaa lallaba aagii/ qalbii jijjiirachuullee ta'ee ummataa fi magaalaa san gara Waaqayyoo deebisee Waaqayyoon wolitti araarsellee Yoonaas baayyee gadde.

Dubbii walduraa Duubaa/outline

1. Yoonaas Nanawwee Waaqayyoon Afoo baqate. (Boqo.1)

Email: danbiblecoll@gmail.com / eliel0607generation@gmail.com
Cell Phone:- +251-468-217-144/+251-926-54-54-40; P.o.b. 2209 Hawassa, Ethiopia.

2. Yoonaas gaabbee Qalbii jijjiiratee Gara Waaqayyootii fi gara Nanawwee Deebi'e. (Boqo. 2)
3. Yoonaas Magaalaa Nanawweetti Waaqayyoon woliin akka jiraate (Boqo.3)
4. Yoonaas Waaqayyoon wol lolee akka Magaalaa Nanawweetii bahe. (Boqo.4)

Yaadannoo:

1. Namoonni baayyeen waa'ee Yoonaasiitii fi waa'ee Qurxummii guddichaa shakkii guddaa qaban.Haata'uu immo Gooftaan keenya Yesuus Kiristoos Wangeela Luqas dhugamaan xurxummiin tokko tokko guddaa ta'uu isaanii irraan kan ka'e nama yookaan wontoota gugurdaa kamiinuu liqimsanii kokkee ofii keessatti kan tursiisuu danda'an akka jiran ni beekkama. Akkasuma namoonni dooniidhaan hojjatan tokko tokko qurxummii gugurdaa kanaan liqimfamanii yeroo baayyee garaa qurxummii keessa hanga turaniin booddee tooftaalee adda addaatitti fayyadamanii fayyuudhaan garaa xiurxummii keessaa akka bayan seenaan ni barsiisa.
2. Seenaan Yoonaas garaa qurxummi keessa guyyaa sadii fi halkan sadihii bulee fi senaa Kiristoos awwaala keessa guyyaa sadii fi halkan sadihii turee hunna guddaan baye yeroo ilaallu seenaan kunniin wal fakkaata.
3. Ayihuudonni amantii isaanii babadisuu fi yookaan immo namoota biyya isaaniitiin achi gara amantii isaanii deebisuuf yaaliin godhan kanuma qofa akka ta'e hin beekna. Namoonni Nanawwee sunniin gara Waaqayyoo deebi'uun isaanii sunii fi adabbii jedhame irraa fayyuun isaanii Yoonaasiin hin gammachiifne. Kan isa gaddisiise namoota Nanawwee osoo hin taane sabni Israa'elii diina Waaqatti ta'uu isaaniiti.Magaalaan guddoon biyya Sooriyaa kan Nanawwee jedhamtu tuni yeroo diqqoon booddee dhaloota Kiristoosiitiin dura bara 279tti magaalaa Israa'elii balleessite.

Amootsii Raajicha

Kan Barreesse: Amootsi. Inni ganda Yerusaalemiitiin gara kibbaatitti argamu keessatti tissee loowwanii ture.Iddoon inni itti lallabaa ture worra Israa'elii kan gara kaabaa jiran keessatti. Inni garuu biyya Yihuudaa keessatti dhalate.

Bara kitaabni kun itti barreeffame: Kitaabni kun kan barreeffame bara mootii Israa'elii Iyyoorbi'aamii lammaffaa, Yihuudaa keessatti immo bara mootii Ooziyaa ture. Barri suni immo dhaloota Kiristoosiitiin dura bara 810tti ture.

Yaada Ijoo: Amoots akka murtiiniif hammeenni banii Israa'elii fi biyyoota olla ishee jirutti akka dhufu barreesse. Yeroo sana ummanni Israa'elii qaroomina isaaniititti boonu turan. Haata'uu immo raajichi Amoots boonuu isaanii osoo homattuu hin lakkaayin ibsa isaaniif kenne. Achiin booddee woggoota 18 turee booji'amanii fudhataman; Magaalaan isaaniillee hin bade.

Email: danbiblecoll@gmail.com / eliel0607generation@gmail.com
Cell Phone:- +251-468-217-144/+251-926-54-54-40; P.o.b. 2209 Hawassa, Ethiopia.

Dubbii Walduraa Duubaa/ outline

1. Ummata naannoo Israa'elii jiran maraa irratti murtiin cubbuu akka ta'u dubbata. (Boqo.1:1-2:3).
2. Waa'ee cubbuu Ayihuudii dubbata. (Boqo.2:4-5).
3. Waa'ee cubbuu Israa'eliitii fi murtii isaanii. (Boqo. 2:6-9:10).
4. Dhumaratti walitti qabamuu ummata Waaqayyootii fi waa'ee eebba isaaniif ta'uu dubbata. (Boqo. 9:11-15)

Yaadannoo: Kitaabni kun baroota baay'een duratti namoonni Waaqayyoon harkaa eebbaa fi fayyummaa argataa sirima Waaqayyoof akka ajajamuu didan nutti mul'isa. Kantti aansuudhaan bara kana namoonni sirima Waaqayyoon irraanfatanii akka isaanitti murtaayu bal'inaan nubarsiisa.

Hosee Raajicha

Kana kan barreesse Hosee dha. Inni raajicha mootummaa Israa'eliiti.

«**Hosee»** jechuun **Fayyummaa** jechuu dha. Maqaan kun maqaa Iyyaasuu fi Iyyesuusiin wal fakkaata.

Bara Itti Barreeffame: Akka Hoseen dubbatutti baroota mootummoota adda addaa afuriif hanga woggoota shantamaatiif raga dubbate; (Boqo. 1:1). Kunis dhaloota Kiristoosiitiin dura bara 778-729 jechuun hanga kufaatii Samaariyaa ture jechuu dha. Samaariyaan magaalaa guddoo Israa'elii turte.

Yaada Ijoo: Hoseen jireenya ofiitii fi haadha manaa isaa kan fakkeessitu fakkeenya godhataa Wara Israa'elii cubbuu isaanii itti hime. Ergaan Waaqayyoo kan saba Israa'eliif ergame kun Ergaa Ermiyaasii kan woggoota dhibbaan booddee ummata Yihuudaaf ergame fakkaata. Isaan lachuu dhuma raajii isaanii ijaan arguu danda'aniiran.

Dubbii Walduraa Duubaa/outline

1. Hoseen dubartii Goomeer jedhamtu seebartuu takka jaalatee akka fuudhee fi jaalala isheetiin cimee akka dhaabate; akkasuma Haati manaa isaa akka amanamtuu hin taane mul'isa. (Boqo. 1-3).
2. Isra'el Waaqayyotti amanachoo ishee sababii tokko malee yoo dhiiftes Waaqayyo immo jaalala ofii ishee irraa hin kunne; ta'ullee akka adabbiin ishee irra gahu dubbata. (Boqo.4-13).
3. Warri Israa'elii dhumarratti akka walitti qabaman ni beeksisa. (Boq. 1)

Email: danbiblecoll@gmail.com / eliel0607generation@gmail.com
Cell Phone:- +251-468-217-144/+251-926-54-54-40; P.o.b. 2209 Hawassa, Ethiopia.

Isaayyaasii Raajicha

Kan Barreesse: Isaayyaasii gosa Yihuudaati. Inni nama gosa maatii mootummaa Yerusaalemii keessa jiraatuuti.

Bara Kitaabni Kun Itti Barreeffame: Raajichi Isaayyaas kan raajii dubbateHosee fi Mikkiyaasiin waliin dhaloota Kiristoosiitiin dura bara 770-710 keessatti akka ta'e fakkaata. Akkasuma Isaayyaas nama baroota Muusee fi baroota Kiristoosii jidduu jiraate. Bara inni raajii dubbatu mootummaan Israa'elii kan kaabaa warra Israa'elii harkatti kufe.

Dubbii Walduraa Duubaa/outline

1) Aajonni wolitti makaman tokko tokko ni jiru. Akkasuma adabbii fi murtii biyya Yihuudaa irraatti ta'uu fi waa'ee ulfinna isan qabaachuu isaan irra jiruu dubbata. Akkasuma akka biyyoota tokko tokkotti murtiin dhufu dubbata. (Boqo.1-35).
2) Waa'ee seenaa mooticha Hisqiyaasii. (Boqo. 36-39).
3) Waa'ee ulfinna Israa'elii kan dhumaatii fi waa'ee Kiristoosii masihichaa. (Boqo.40-66).

Yaadannoo:

1. Raajiin Isaayyaas Kitaabota Qulqulluu keessaa kitaaba guddaa faaruu Daawitiititti aanuu dha.
2. Isaayyaas raajota hundaa keessaa raajicha gurra dhagayate. Raajonni isaa kan guddisee badhaatii fi kan dubbii ijoo gadi fogoo qabuu dha. Eertuuwwan raajii Isaayyaasii keessatti waa'ee Masihichaa dubbatan kakuu moofaa keessatti hulee gurguddaa qaban.
3. Jireenyi Kiristoosii baay'een raajicha Isaayyaasiin keessatti dubbatamaniiran. Fakkeenyaaf:-
    a. Dhalachuu isaa. 7:14; 9:6
    b. Waa'ee maatii isaa. 11:1
    c. Waa'ee amala isaa. 11:2
    d. Waa'ee atooma isaa. 42:1-4
    e. Waa'ee du'uu isaa. Boqo. 53 hunda.
4. Qiroos mootiin biyya Faarisii uduu hin dhalatin woggoota 200 dura maqaan isaatii waamameera. (Isa. 44:28). Mootichi kun akka magaalaan Yerusaalemii deebitee ijaaramtuuf kan eeyyame waan ta'eef Isaayyaas raajii dubbateera. (Izra. 1:1-4 ilaali).
5. Kitaabni kun haalli bulchiinsa bara sanii akkam akka ta'e ni dubbata.Akkasuma wolii galtee ummata kaawwan wojjiin taasifamuu fi kan kanniin fakkaatu ibsee dubbata. Akka ummanni garaWaaqayyoo deebi'uu fi worra Waaqolee tolfamaa

Email: danbiblecoll@gmail.com / eliel0607generation@gmail.com
Cell Phone:- +251-468-217-144/+251-926-54-54-40; P.o.b. 2209 Hawassa, Ethiopia.

ormaatitti dhiyoo jiran hunduu akka isaanii hin saganne godhuuf baay'ee yaale.

Mikiyaas Raajicha

Kan Barreesse: Mikiyaas yoo ta'u; mootummaa kaabaa fi mootummaa kibbaatiif jechuun mootummaa Israa'eliitii fi mootummaa Yihuudaatitti kan lallabe isa qofa.

Bara Itti Barreeffame: Barri Mikiyaas jiraate bara Hoseen mootummaa kaabaatii fi Isaayyaas mootummaa kibbaa keessatti hojjataa turan jechuun dhaloota Kiristoosiitiin dura bara 760-710 keessa ta'uu hin oolu.

Dubbii Walduraa Duubaa/outline

1. Raajii murtii waa'ee cubbuu ummataa fi bulchootaatiif raajame. (Boqo. 1-3).
2. Waa'ee dhalchuu mootichaa fi waa'ee hundeeffamuu mootummaa qajeellummaa. (Boqo.4-5).
3. Kadhaan Waaqayyoo akka ummanni gara waaqeffannaa dhugaa deebi'u. (Boqo. 6-7).

Yaadannoo:

1. Raajota boqonnaa 4-5 keessatti barreeffaman keessaa baayyeen hin raawwatamne. Ta'ullee bara mootummaa Kiristoosii keessatti raawwataman. Hennaa san Yerusaalem tan ummata addunyaa kanaa masakkitu taati.
2. Boqonnaa 5:2 keessatti dhalchuun Kiristoosii akka Betaliheemiin keessa ta'u dubbatameera.
3. Ajajoonni Mik. 4:3 fi Iyyu'eel 3:10 keessatti barreeffaman wal hin fakkaatan. Kun fakkeenya gaarii Waaqayyo yeroo adda addaatitti namoota Waaqayyoo irraan dubbatuu dha. Yeroo kitaaba Qulqulluu qu'annu qoqqoodama kanniin yaadutu nurra jira. Yoo kana ta'uu baate immo duwwamatti dogongora irratti kufna. Wanti Iyyu'eeliin keessatti barreeffame lola xiqqoo uduu Kiristoos hin dhufneen duratti taasifamuu dubbata. Kan Mikiyaasiin keessatti barreeffame immo waa'ee mootummaa nagayaa kan haga Kiristoos dhufeen booddee ta'u ibsa.

Naahoomii Raajicha

Kan Barreesse: Naahoomi dha. Haata'u malee dhugamaan seenaan isaa hin beekkamu.

Bara Itti Barreeffame: Dhaloota Kiristoosiitiin dura bara 671-614 jidduu kufa magaalota Tesibii fi Nanawwee keessa waan ta'e fakkaata.

Dubbii Ijoo: Kitaabni kun waa'ee kufuu fi baduu Nanawwee magaalaa guddoo Asooriitiif

Email: danbiblecoll@gmail.com / eliel0607generation@gmail.com
Cell Phone:- +251-468-217-144/+251-926-54-54-40; P.o.b. 2209 Hawassa, Ethiopia.

barreeffame. Magaalaan tun uduu hin banne waggoota 150 dura lallaba Yoonaasiitiin ummanni ishee gara Waaqayyoo deebi'anii turan. Wanti ta'es ta'ee deebi'anii Waaqayyoon irraa fagaatanii waan isa dhiisaniif adabbii fi murtiin lammaffaa ummataa fi Magaalatti dhufe.

Dubbii Walduraa Duubaa/outline

1. Murtii fi Obsa Waaqayyoo. (Boqo. 1).
2. Ibsa kufa Nanawwee. (Boqo. 2).
3. Sababiiwwan Badii Nanawwee. (Boqo. 3).

Yaadannoo:

1. Akka Tebis booji'amte boqo. 3:8 irratti ni dubbata. Magaalaan tun magaalaa guddoo Misirii gubbaa yeroo taatu Kaayiroo iraa gara kibbaatiin fageenya kiilomeetira 560 qabdi.
2. Dhaloota Kiristoosiitiib dura bara 614tti magaalaan Nanawwee harka warra Baabilooniitii fi warra Meedooniitiin booji'amte. Kunis kan mootummaa gara kaabaa marsee qabatee fi kan ummata bittinneesse/ adaan facaase akkasuma kan Yihuudaa irraatti rakkoo guddaa geese diinni guddaan biyya Yihuudii kun diina dhumaa ta'e. Kan Hisqeeliin Yerusaalemitti marsisiise/ qabsiisuuf yaale; (Isa. 36-38) Manni Sanaakireemii fi manni mootummoota mootota gugurdaa qotamanii qubee fi kitaabbileen baayyeen waan woliin argamaniif kanniin hiikuudhaan adha waa'ee isaaniitii fi akkaataa jireenya isaanii beekuun danda'ameera.

Sofoniyaasii Raajicha

Kan Barreesse: Sofoniyaasii nama gosa Yihuudaa keessaa yoo ta'u; inni nama maatii mooticha Hisqiyaasiiti.Kitaaba moototaa 2ffaa 22:-23 keessatti lallabni isaa akka namoonni hujii hamaa isaanii irraa deebi'an akka gargaare ni dubbifna.

Bara Itti Barreeffame: Tilmaamaan seenaan kun kan itti raawwatame bara Ooziyaan Yihuudaa irratti mooye dhaloota Kiristoosiitiin dura bara 640-620 keestti waan raawwatame fakkaata.

Yaada Ijoo: Kitaabni kun akkuma kitaabota raajii kaawwanii waa'ee cubbuu, waa'eemurtii, waa'ee adabbii, akkasuma waa'ee bara dhumaas ni dubbata.

Dubbii walduraa Duubaa/outline

1. Murtii fi adabbiin Waaqayyoo akka Yihuudaa irratti dhufu. (Boqo. 1-2:3)
2. Ummata Yihuudaa bira jiranii fi naannawa ishee jiran maraa irratti akka adabbiinii fi murtiin dhufu. (Boqo. 2:4-3:7)
3. Ofi afoo akka ummanni Waaqayyoo gara Waaqa isaanii akka deebi'anii isa biratti akka

Email: danbiblecoll@gmail.com / eliel0607generation@gmail.com
Cell Phone:- +251-468-217-144/+251-926-54-54-40; P.o.b. 2209 Hawassa, Ethiopia.

walitti qabaman dubbata. (Boqo.3:8-20)

Yaadannoo:

1. Kitaaba kana keessatti guyyaan Gooftaa yeroo torba barreeffameera. (Ragaadhaaf yaadannoo lammaffaa kan kitaaba Iyyu'eelii ilaali.)
2. Jechi Itoophiyaa jedhu boqonnaa 2:12; akkasuma boqonnaa 3:10 irratti tuqamee argina. Haata'uu malee Itoophiyaan suni maqaa Itoophiyaa ammaa kanas yoo qabaatte isheen Itoophiyaa ammaa tanaa miti. Itoophiyaan dur Itoophiyaa jedhamtee waamamtu biyya Misirii gara kibbaa qabattee Suudaanii adhaas eda'attee biyya Roomaa keessatti Nuubiyaa, biyya Misirii keessatti Kuush, Griikiin keessatti immo biyya adha Itoophiyaa jedhamtee waamamtuu dha. Biyyi tuni dhaloota Kiristoosiitiin dura bara 748-668 hanga woggaa 80tiif biyya Misirii mooyattee bulchaa turte.

Ermiyaasii Raajicha

Kan barreesse: Ermiyaas. Namni kun nama luba mootummaa kibbaatii fi osoo hin dhalatiniin duratti raatticha Waaqayyoo akka ta'uuf kan filatame ture. Namni kun nama baay'ee gaarii, nama nagayaatii fi nama qajeelaa waan tureef bulchaa ta'uu hin barbaanne; Hagamillee yoo lallaba ofiitii fi hujii ofii dhiisee gara mana ofii deebi'us Onneen isaa Hafuura Qulqulluuf banamaa waan tureef hujii ofii dhiisuu hin dandeenye. (Boqo. 20:9)

Raaga Yihuudaa irratti raawwatamuuf onneen isaa guddisee waan gaddeef Raajicha gaddaa jedhamee waamamaa ture. (Boqo. 9:1) Inni Waaqayyoon tajaajilus hujiin isaa bu'aa gaarii hin argamsiifne. Inni nama tuffatamee fi nama jibbame ture; tumamuunii fi hidhamuunis isarra gaheera. (Boqo.35:15-17)

Yerusaalem Baabilooniin harkatti kufte. Ermiyaasis firtoota ofii wojjiin baqatee gara biyya Misirii dhaqee achitti firtoota isaatiin akka dhagaan dhayame ni dubbata.

Baay'achuun gadda Ermiyaasii Yesuusii woggoota baayyeen booda dhalateen wol fakkaata. (Isa. 53:3)

Bara Kitaabni Kun Itti Barreeffame: Kitaabni kun dhaloota Kiristoosiitiin dura bara 635-592 keessatti barreeffame. Kana jechuun yeroo mootichi Iyyoosiyaas Yihiida irratti mooye irraa jalqabee hanga Yerusaalem kuftee fi hanga yeroo Baabiloon booji'amtee jechuu dha.

Yaada Ijoo: Raajiin Ermiyaasii wantoota baay'een raajii raajota biraa wojjiin wol fakkaata,Akkuma isaan dubbatan innis waa'ee cubbuu, waa'ee murtii fi akkasuma waan ofi ofoo raawwatuuf ta'uu; waa'ee wolitti qabamuu ummata Israa'elii dubbata. Ta'us raajiin isaa hamma ta'e walfakkaata. Feeti Waaqayyoo akka isaan adabaman waan ta'eef osoo isaan loltoota Baabilooniitiin hin lolle harka kennatanii akka booji'aman isaanitti hime. Sababii kanaaf

Email: danbiblecoll@gmail.com / eliel0607generation@gmail.com
Cell Phone:- +251-468-217-144/+251-926-54-54-40; P.o.b. 2209 Hawassa, Ethiopia.

Ermiyaas biyyattii diinaaf dabarsee kenne jedhamee jiraataa ture. Kitaabni Ermiyaas seenaa bal'aa Mootota 2ffaa 22-25 fi Seenaa 2ffaa 34-36 keessa jiru waliin walfakkaata.

Dubbii walduraa Duubaa/outline

Kutaaleen kitaaba kanaatii fi wantoonni isa keessa jiran waan baay'ee nama rakkisaniif isaan addaan qoqqooduun baay'ee nama rakkisa.

1. Raajummaadhaaf waamamuu Ermiyaasii. (Boqo. 1)
2. Ermiyaas kan malkataa fi waa'ee raajota adda addaa dubbate osoo Yerusaalem hin kufne dhaloota Kiristoosiitiin dura bara 594 keessa. (Boqo. 2:39)

Raajotaa fi malkatoota adda addaa kanniin keessaa kunniin ijoo dha.

a. Yihuudaan hanga woggaa torbaatamaa boojuu keessa akka jiraattu dubbata. (Er. 21:4-10; 25:11-12)
b. Israa'el walitti qabamtee oddoo ulfinna ishee kan duriititti akka deebitu dubbata. (Er. 23:3-8)
c. Waa'ee rakkoo ummata Israa'elii irraa gahuu, rakkoon kun bara booddee osooummannin Waaqayyoo wolitti hin qabamneen duratti raawwatama. (Er. 30-31)
d. Waa'ee raawwatamuu waadaa Daawitiif galamee, (Er. 33:14-26)

3. Yerusaalem hanga kufteen booddee sababii rakkoo paalistiinaa keessatti uumameef gara biyya Misirii baqatan. (Er. 40-44)
4. Raajota adda addaa kan Yihuudaa fi biyyoota ollaa akkasuma Baabilooniif dubbatame. (Er. 45-51)
5. Ibsa akka Yerusaalem booji'amte ibsu. (Boqo. 52)

Faaruu Ermiyaasii

Kana kan Barreesse: Ermiyaasi dha.

Bara Itti Barreeffame: Dhaloota Kiristoosiitiin dura bara 594 keessa barreeffame.

Yaada Ijoo: Magaalaan guddoon Yerusaalemii waan loltoota Baabilooniin harkatti kufteef akka Ermiyaas guddisee gadde ibsa.

Dubbii Walduraa Duubaa/ outline

1. Badii Yerusaalemii. (Boqo. 1)
2. Sababa Yerusaalem kufteef. (Boqo. 2)
3. Gadda Ermiyaasii. (Boqo. 3)
4. Yaadota akka Yerusaalem kufte ibsan. (Boqo.4)

Email: danbiblecoll@gmail.com / eliel0607generation@gmail.com
Cell Phone:- +251-468-217-144/+251-926-54-54-40; P.o.b. 2209 Hawassa, Ethiopia.

5. Kadhaa gargaarsa argachuuf kadhatame. (Bqo.5)

Yaadannoo:

1. Kitaabni kun kitaabota raajii keessaa tokko yoo ta'es kitaaba wolaloo keessatti lakkaayama.
2. Kitaaba afaan Ibraayisxiitiin barreeffame keessatti (Boqo. 1-2) akkasuma boqonnaan 4 lakkoofsi hundinuu toora qubeetiin barreeffamaniiran. Boqonnaan 3 immo lakkoofsa sadi sadi toora qubeetiib barreeffamaniiran. Kana jechuun qubeen afaan Ibraayisxii 22 yoo ta'an Lakkofsi 66 kan qubee afoo jran akka kan duraa qubee qofa osoo hin taane quboota 22tti qoodamaniiran jechuu dha. Fakkeenyaaf:- Eretuuwwan lakkofsa 1-3 jiran toora qubee tokkoo jalatti barreeffamaniiran.

Imbaaqoomii Raajicha

Kan Barreesse: Imbaaqoomi dha.

Bara Itti Barreeffame: Maallaataa kitaabni kun kan barreeffame bara Kitaabni Ermiyaasii itti barreeffame; bara Iyyo'aaqeem mooye Dhaloota Kiristoosiitiin dura bara 610 keessatti waan barreeffame fakkaata.

Yaada Ijoo: Raajichi, Warra Ayihuudii kan Waaqayyo filate akkamitti worri Waaqayyoon hin beekin rakkoo fi adabbii isaanitti fidan jedhaa maalalfata. Raanni Imbaaqoomii raajota kaawwan irraa adda; Inni lallaba fakkeessee namoonni akka gara Waaqayyoo deebi'aniif hin dubbanne. Haata'uu immo raagaa fi mul'ata Waaqayyo isatti mul'ise akkanumaan dubbate.

Dubbii walduraa Duubaa

1. Gaaffii biyya abaaramtuu akka biyya Baabiloonii Waaqayyo maaf hin balleesine? Jedhu. (Boqo. 1)
2. Deebiin isaa Murtiin Waaqayyoo dhuma irratti akka ta'u, (Boqo. 2)
3. Kadhaa galataa akka Waaqayyoof dhiyeesse. (Boqo. 3)

Daani'eelii Raajicha

Kan Barreesse: Daani'eli dha. Inni yeroo dargaggeessa woggaa 20 ta'ee jiru dhaloota Kiristoosiitiin dura bara 614tti biyya Yihuudaa keessaa gara biyya Baabiloonii booji'amee dhaqe. Inni kan jiraate bara mootichi biyya Faarisii hunnaan bulchu emmuu ta'uu inni yeroo san nama umrii 90 ta'a.

Bara Itti Barreeffame: Kitaabni kun dhaloota Kiristoosiitiin dura bara 614-542 keessatti barreeffame.

Yaada Ijoo: Kitaabni kun waa'ee seenaa Daani'eelii, waa'ee waan yeroo ammaa raawwatamee

Email: danbiblecoll@gmail.com / eliel0607generation@gmail.com
Cell Phone:- +251-468-217-144/+251-926-54-54-40; P.o.b. 2209 Hawassa, Ethiopia.

fi raajii ofi afoo raawwatamuu dubbata.

Dubbii Walduraa Duubaa/outline

1. Booji'amuu Daani'eelii fi Hiriyyoota isaa. (Boqo. 1)
2. Wantoota ijoo bara mootummaa Baabiloonii raawwataman.
    a. Waa'ee mootii Nabukadanatsoorii. (Boqo.2-4)
    b. Waa'ee mootii Belshaatsirii. (Boqo.5)
3. Wantoota ijoo bara mootii Meedooniitii fi mootii Faarisii raawwataman; akka Daani'eel boola leencotaatitti gatame. (Boqo. 6)
4. Waa'ee busaawaa/ bineensota tokko tokkoo fakkeenyaan dubbata; yookiin immo waa'ee isaanii raga dubbata. (Boqo.7-8)
5. Waa'ee subaa'ee torbaatamaa/ torbaanii; waa'ee dhufa Masihichaatii fi walitti qabamuu ummata Israa'elii raga. (Boqo.9)
   Raajota Daani'eel raaje gugurdaa keessaa jechuun waa'ee mootummootaa fi ummata a kan inn raage tokko tokko yeroo raawwataman gari gariin immo hin raawwatamne.

Yaadannoo:

1. Barubsi Daani'eelii kan nama rakkisuu miti. Jireenya keenyaafis itti fayyadamuu ni dandeenya. Haata'uu immo raga isaa kan raawwatamee fi kan hin raawwatamne addaan qoodanii beekuun nama rakkisa.
2. Kitaabni kun Waaqayyo kaayyoo ofii akka hin jijjiiranne; waan adunyaa kana irra jiru hunda akka raawwatuu fi seenaan mootummoota gugurdaatii fi ummataa baayyeen fedhaa fi karoora isaatiin akka hojjatan dubbata.
3. Kitaabni kun waa'ee ergamtootaa iddoo baay'etti dubbata.Ergamtoonni garriinii fi hammeeyyiin (seexanni); jireenya keenya kan guyyaaa guyyaa keessatti akka nuqunnaman ni dubbata. Fakkeenyaaf boqonnaa 9:21 fi 22 ilaali. Akkasuma boqonnaa 10:10-14; 2o-21; 12:1 ilaali. Namoonni sadiin yeroo ibidda keessatti gubatan kan arfaffa ta'ee mul'ate ilma Waaqayyoo ture.(Boqo3:25)
4. Seenaa durii keessatti Nabukadanaatsoor, Beelshaatsirii fi Xiroos namoota baay'ee beekkamanii dha. Daariyoosiin biyya Meedoonii kan boqonnaa 9:1 irratti barreeffame hanga adhaa inni eenyuun akka ture hin beekkamne. Maallaataa maqaan kun maqaa mootota Baabiloonii kan yeroo san ittiin waamaman ta'uu danda'a.
5. Beelshaatsir duultota magaalaa ofii hin seensisu jedhee yaadee ture. (Boqo. 5) haata'uu malee worri loltoota wojjiin hojjatan balbala magaalaa cabsanii akka seensisan Xiroos dhakaa irratti barreessudhaan ibseera.
6. Waa'ee mootota adunyaa kanaa eebjuu adda addaatiin isaanii raageera.
   a. Fakkiin guddaan eebjuun mudhachuun; waa'ee Baabiloonii, waa'ee Faarisii waa'ee

Email: danbiblecoll@gmail.com / eliel0607generation@gmail.com
Cell Phone:- +251-468-217-144/+251-926-54-54-40; P.o.b. 2209 Hawassa, Ethiopia.

Griikiitii, waa'ee Roomaatii fi akkasuma waa'ee mootota booddee ka'anii dubbata. (Boqo. 2)

b. Mul'anni waa'ee bineensotaa arge; waa'ee mootummaa Baabiloonii, Faarisii, Griikii, akkasuma waa'ee mootummaa Rooma kan dhufuu fi wa'ee waan darbee wolumatti qabaa dubbata. (Boqo. 7)
c. Mul'anni waa'ee korbeeyyii Hoolotaa arge; waa'ee Griikii, Meedooniitii fi Faarisii dubbata. (Boqo.8)

7. Yerusaalem deebitee akka ijaaramtuuf hanga ajanyi kennameen booda (Nahimiyaa yaadannoo 4 ilaali) akka Masihichi dhufu Waaqayyo ni dubbata. Yeroon inni dhufus subaa'ee 69 booda. Subaa'een hundinuu baroota torbaatamaa yoo ta'uu isaan hundinuu walumaa galatti woggoota 489 ta'an. (Yeroo san baniin woggoonni hundinuu guyyoota 360 qaban jechaa yaadaa turan.) Ajaja kana mootichi Arxeeksis dhaloota Kiristoosiitiin dura bara 453 keessa kenne. Woggoota itti raagame 483 kanaa booddee bara araaraa 30tti Gooftaan keenya fannifame. Haga kun ta'utti raanni raawwatame.

   Subaa'een torbaffaa (woggoonni torbaa) raawwatamutu isarra ture, Subaa'een kun Mul'ata Yohaannisii keessatti yeroo rakkoo guddaa(Mul'ata. 7:14) Raajii Ermiyaasii keessatti immo yeroo rakkoo yaaqoobii,(Erm. 30:7) jedhama. Woggoonni rakkoo kunniin iddoo gara garatitti tuqamanis keessattu Mat. 24:9-31; Mul'ata. 6,8,9 :13-16 keessatti ibsameera.

8. Raajiin boqonnaa 11:1-35 keessa jiru baroota Kakuu Moofaa fi Kakuu Haarawaa keessatti raawwatameera. Mootummaan guddaan Iskindirii bakka gosa gugurdaa lamatti qoodame (Boqo. 8:22 ilaali.) kanniin keessaa lamaan mootummaa gara kaabaa, Asoor, Misir; Gara mootummaa kibbaatiin immo Israa'eliin keessaa Jaalistiinaa ofiif barbaadatanii wal lolaa turan. Mootota biyya sooriyaa keessaa kan Antsokiyoos jedhamu tokko mana woyyummaa Yerusaalemiin keessa jiru keessatti booyyee ciincessee batteesse.Seenaan kun seenaa dhaloota Kiristoosiitiin dura bara 176 keessatti waan raawwatame fakkaata (Boqo.11:31 ilaali.) wantoonni lakkoofsa 35 gaditti barreeffaman seenaa addunyaa keessatti hin ibsamne. Ta'us raajii kitaaba kana keessaa hafe ta'uu isaa mul'isa. Kunis waan olloonni Israa'elii bara dhumaa hojjatan dubbata.

   Wanti lakkoofsa 36 keessatti barreeffame mootumma kaabaa yookaan mootummaa kibbaa osoo hin taane mootummaa Roomaa kan dhuma irratti mooyu fakkaata; akkasuma boqonnaa 7:23-25; 8:23-25; fi 9:26-27 keessattillee barreeffameera. Inni subaa'ee tokko yookaan woggoota torbaaf warra Israaelii woliin waadaa gala.Haata'uu immo inni walakkaa subaa'ee keessa jechuun 3 ½ turee waadaa san diiga. Gara Paalistiinaa dhaqee mootummaa kibbaa (mootummaa biyya Misirii)woraana. Achiin booda ciincaa worri Yihuudotaa dhiyeessan hundaa dhooggee/hambisee Waaqa osoo hin taane inninuu akka waaqeffamu godha. (9:27; 11:6 fi 11)

   Woggoota sadiin hafan kannii keessatti seexanni hunna guddaan ummata rakkisa, ni soba, rakkoo guddaa tanaan dura ta'ee hin beenne namatti fida. Seenaan biraa kan akkanaa

Email: danbiblecoll@gmail.com / eliel0607generation@gmail.com
Cell Phone:- +251-468-217-144/+251-926-54-54-40; P.o.b. 2209 Hawassa, Ethiopia.

kunniin kitaaba Mul'ataa, Iyyu'eel, Hisqeelii fi kitaabota Kakuu Haarawaa iddoo gara garaa keessatti ni argama. Ta'ullee nuti Kiristaanonni yeroo rakkoo guddaa kana ilaalaa yaaduun nurra hin jiru; sababiin isaa Kitaabni Qulqulluun osoo rakkoon guddaan kun hin jalqabamneen duratti Kiristoosiin qilleensa gubbatti simachuuf akka ol fudhatamnu waan dubbatuuf (1Qor. 15:51-52; 1Tasa 4:13-18;) Kunis hanga rakkoon kunniin hundi raawwateen booddee Kiristoos mootummaa haarawa undeessuudhaan lafa kana irratti mooyuuf dhufa. Nus isa woliin deddeebina (Mat. 24:29-31; 25:31)

Hisqeel Raajicha

Kan Barreesse: Hisqeelii dha. Innis akkuma Ermiyaasii Luba ture. Dhaloota Kiristoosiitiin dura bara 607tti booji'amee gara biyya Baabiloonii fudhatame.

Bara Itti Barreeffame: Hisqeel biyya Baabiloonii keessa garbummaan osoo jiru hanga woggaa digdamaa/20/ raajii dubbataa ture. Kunis dhaloota Kiristoosiitiin dura bara 600-580 keessatti ta'e.

Yaada Ijoo: Kitaabni kun waa'ee murtii durana Yihuudaa irratti dhufuu, waa'ee badii biyya maraa irratti dhufuu fi ulfinna sababii warri Yihuudii wolitti qabamaniif ta'u dubbata.

Dubbii walduraa duubaa/outline

1. Waamamuu Hisqeelii, (Boqo.1-3)
2. Waa'ee adabbii biyya Yihuudaa irratti dhufuu,(Boqo.4-24)
3. Waa'ee adabbii namoota ollaa Yihuudii jiran irratti raawwatamuu,(Boqo.25-32)
4. Walitti qabamuu saba Israa'elii kan dhumaa, (Boqo.33-39)
5. Waa'ee mana woyyuu kan dhumarratti ijaaramuu,(Boqo. 40-48)

Yaadannoo:

1. Ermiyaas, Ddani'eelii fi Hisqeel isaan hundinuu yeroo tokko (jechuun yeroo boojuu keessa) raajii dubbatan. Ermiyaas namoota Israa'eliin keessatti hafanitti raajii dubbate; ergaan Daani'eelii immo worra bulchootaa kan biyya Baabiloonii keessa jiraniif emmuu ta'u kan Hisqeelii immo banii/ ummata baabilooniin keessa bittinnaayaniif raajii dubbate.
2. Hanga Kiristoos teessoo ofii hundeesseen booda waa'een ibsa mana Qulqullummaa kan haarawa ijaaramuutiin alatti (Boqo. 40-48) raajiin waa'een raajii lafeewwan goganii (Boqo. 37) keessatti ni argama. Mul'anni kun waa'ee saba Yihuudii kan woggoota baa'eef waan du'an fakkaatanii biyyoota Adunyaa keessa bittinnayanii akka deebi'anii walitti qabaman dubbata. Woggoota 2000 booda yeroo jalqabaatiif bara araaraa 1940tti mottummaan Ayihuudii Paalistiinaa keessatti hundaaye. Kun akka guyyoonni dhumaa dhiyaataniiran addaataa nutti mul'isan.

Email: danbiblecoll@gmail.com / eliel0607generation@gmail.com
Cell Phone:- +251-468-217-144/+251-926-54-54-40; P.o.b. 2209 Hawassa, Ethiopia.

3. Boqonnaan 38 fi 39 ummanni Israa'elii kan gara kaabaatitti argaman akka badan nutti himan. Kun kan ta'e akka Israa'elii marsanii qabuuf hennaa yaadanitti. Namni googi jedhamu biyya maagoog jedhamu bulcha. Magaalonni Maskii fi Tabaal kan (Boqo. 38:3) keessatti argaman maallaataa adha magaaloota Tobalasii fi Moskoo akka jedhaman hayyoonni Kitaaba Qulqulluu tokko tokko ni tilmaamu. Goomerii fi Togoomer (Boqo.38:6) maallaataa adha biyyoota Jarmanii fi Turkiin akka ta'an ni yaadatama. (Se. Uma. 10:2-3 waa'ee maqoota kanniinii dubbata.)

   Akka raajiin kun nutty himutti guyyoota dhumaatitti ummanni kunniin tokko ta'anii warra Israa'eliitiin loluuf gara kibbaa duulan. Akkuma isaan achi dhiyaataniin Waaqayyo loltoota isaanii baay'ee balleessa; worri hafan immo gara biyya ofii deebi'an.

Abdiyyuu Raajicha

Kan barreesse: Abdiyyuu dha. Hiikkaan maqaa isaa garbicha Waaqayyoo jechuu dha.

Bara Itti Barreeffame: Dhaloota Kiristoosiitiin dura yeroo Yerusaalem kufte bara 594 keessatti barreeffame.

Yaada Ijoo: Gofti Edoomii ummata hortee Esawuu obboleessa Yaaqoobii keessaan dhufe. Isaan yeroo Yerusaaleem diina ofii jalatti kuftuu fi yeroo Israa'el booji'aman yeroo hundaa gammadaa turan. (Se. Lakk. 20:14 ilaali.) Abdiyyu ummanni kunniin kufa Israa'eliititti gammaduun akka isaan hin barbaachifne dubbata. Waaqayyo ummata ofii filate Israa'eliin yoo adabeyyuu, deebi'ee ummata guddaa akka isaan taasisu ni dubbata.

Dubbii walduraa Duubaa/outline

1. Badii Edoomii. (Lakk.1-16)
2. Deebitee fayyuu Israa'elii. (17-21)

Yaadannoo:

1. Kitaabni Abdiyyuu kitaabota kakuu moofaa hundaa keessaa gabaaba dha.
2. Saa'ol, Daawitii fi Salamoon biyya Edoomiitiin lolaa Edoom ummata Israa'elii keessaa bulchiinsa tokko taatee hennaa dheeraaf akka jiraattu godhaniiran.Achiin booddee magaalaan Pitiraa tan dhagaan ijaaramtee gurra dhagayatte suni harka gosa Arabaatitti kufte.
3. Bara Kiristoosii keessatti worri firtoota Herodisii kan biyya Yihuudaa bulchaa turan gosa Edoomii keessaa dhufan. Kunis Mat. 2:1; 6:14 keessatti ibsameera.

Hagee Raajicha

Kan Barreesse: Raajicha hagee dha. Inni yeroo boojuu keessa kan dhalate yoo ta'u (Izra.5:1) akkasuma 6:14 keessatti tuqameera.

Bara Itti Barreeffame: Dhaloota Kiristoosiitiin dura bara 520 keessa fakkaata.

Email: danbiblecoll@gmail.com / eliel0607generation@gmail.com
Cell Phone:- +251-468-217-144/+251-926-54-54-40; P.o.b. 2209 Hawassa, Ethiopia.

Yaada Ijoo: Ergaan raajicha Hagee ijoolleen Israa'elii hujii mana Qulqullummaa Waaqayyoo kan ijaaruu jalqaban akka raawwataniif jajjabeessuu ture.

Dubbii walduraa Duubaa/outline

1. Namoonni mana Waaqayyoo hojjachuu dhiisanii waan mana ofii jaqaba hojjataniif adabaman. (Boqo. 1)
2. Ummanni akka Waaqayyoon abdatan jajjabeeffaman. (Boqo. 2:1-9)
3. Murtii darbanii fi eebba dhufanis akka Waaqayyo fide isaaniif ibse. (Boqo. 2:10-23)

Zakkaariyaasii Raajicha

Kan Barreesse: Zakkaariyaasii dha. Inni kan raajicha Hagee woliin jiraate yoo ta'u, bulchiinsa Zarubaabeliitiin gara Baabiloonii waan deebi'e fakkaata. Zakkaariyaasiin kun nama Yesuus mana Qulqullummaa keessatti ajjeefame jechuudhaan dubbii ofii keessatti dubbate ta'uu hin oolu.

Bara Itti barreeffame: Dhaloota Kiristoosiitiin dura bara 530 keessatti barreeffame.

Yaada Ijoo: Ergaawwan Zakkaariyaasii waa'ee yerusaalemii ofi afoo, waa'ee ummata Israa'elii fi waa'ee dhufa Masihichaa dubbatan.

Dubbii walduraa Duubaa/outline

1. Mul'anni kudhanii waa'ee badii Yerusaalemii kan duraatii fi ulfinnaa fi gammachuu booddee argattuu ibsan. (Boqo.1-6)
2. Waaqeffannaa sobaa kan duraarii fi Waaqeffannaa dhugaa, kan onnee keessaata'e wal bira qabee ilaala. (Boqo. 7-8)
3. Waa'ee raajii dhufa Gooftaa kan jalqabaatii fi kan dhumaa. (Boqo. 9-14)

   Yaadannoo:

   1. Zakkaariyaasiin keessatti waa'ee raajii dhufa Kiristoosii kan jalqabaa (Boqo.9:9); akkasuma raajii waa'ee dhufa isaa kan lammaffaa (Boqo.12:10, Mul'ata. 1:7 ilaali. Zakka. 13:6-7; akkasuma 14:4 keessattis ni argina.)
   2. Kiristoos diintota Israa'elii lola ofii guddaan akka balleessu sirritti dubbata. (Zakka. 12:19, 14:1-3)
   3. Kiristoos akka damee/ haafaati. (Zakka. 3:8, 6:12-13, Isa. 11:1, Er. 23:5; 33:15 ilaali.)

Milkiyaasii Raajicha

Kan Barreess: Milkiyaasii dha. Kiikkaan maqaa isaa ergamaa koo jechuu dha. Maqaan kun maqaa kitaaba kanaa akka ta'ee fi maqaa muudamaa kan isaa akka ta'e wonti beekkamu hin jiru. Waan kanaan alattillee jireenya raatticha kanaa kan duraa wonti ibsu hin jiru.

Email: danbiblecoll@gmail.com / eliel0607generation@gmail.com
Cell Phone:- +251-468-217-144/+251-926-54-54-40; P.o.b. 2209 Hawassa, Ethiopia.

Bara Itti Barreeffame: Milkiyaas barreessaa kitaaba KakuuMoofaa kan dhumaati. Inni dhaloota kiristoosiitiin dura bara 400 keessatti barreesse.

Yaada Ijoo: Haarawoomuu jireenya Hafuuraa kan Nahimiyaatiin booddee (Nahi. 8:10) onneen namootaa qabbanaayaa, waaqeffannaan isaaniitii fi jireenyi isaanii badaa deeme.wantoota gugurdaa sadihii afotti cubbuu hojjatan.

a. Waaqayyoon afotti
b. Olloota isaanii afotti
c. Maatii isaanii afotti

Milkiyaas akka isaan jireenya hafuuraa kan dhugaatitti akka deebi'aniif yaalaaMasihicha yeroo dhiyoo keessa dhufu akka ilaalaniif isaaniif barreesse.

Dubbii walduraa Duubaa/outline

1. Jaalala araaraa kan Waaqayyo Israa'eliif qabu.
2. Ijoolleen Israa'elii Waaqayyoon tuffatanii ciincaa hin barbaachifne waan dhiyeesaniif lalaman/ adabaman. (Boqo.1:6-2:12)
3. Namoonni waa'ee gaa'elaa dogongoranii salphamatti waan gaa'ela hiikaniif lolaman/ adabaman.(Boqo. 2:13-16)
4. Masihichi akka ummata qulqulleessuuf dhufu (Boqo.2:13-3:5)
5. Namoonni Kennaa kudhan keessaa tokko/ kurnnaffaa kennuu dhabuu isaaniitiin akka lolaman/ adabaman.(Boqo.3:6-15)
6. Warra Waaqayyoon onnee dhugaatiin kabajjan wanti gaariin akka isaaniif ta'u. (Boqo.3:16-4:6)

Yaadannoo:

1. Milkiyaas raajicha osoo Kiristoos hin dhalatiniin duratti isa dhumaa kan Waaqayyo erge. Hanga adhaatitti Ayihuudonni baay'een Kiristoosii fi Wangeela Kiristoosii waan hin fudhanneef; Milkiyaas Kitaaba Qulqulluu dhumaa kan Yihuudotaati. Yihuudonni bara Yesuusii turan Masihicha isaaniif abdii galame fudhachuu hin barbaanne. Isaan hanga adhaatitti akka waan Waaqayyo Masihicha erguufiititti eeggatan. Raajichi kun kan wati isaa dubbatame woggoota 2400 ta'a.
2. Eliyaasiin Milk. 4:5fi 3:1 irratti tuqame Eliyaasii 1Mot. Keessatti barreeffameen miti. Haata'uu immo fakkeenyaaf tuqame. Yohaannis cuuphaan ergamaa ta'ee karaa Gooftaa qophesse. (Luq. 1:17; Mat. 11:14; 17:11).
3. Waaqayyo maaf warra Israa'elii jaalate? Gaafii kanaaf deebii hin arginu. Adha maaf nu jaalata? Kanaafis deebii hin arginu. Waaqayyo yeroo nufilatu sababii nufilateef isa malee kan beeku hin jiru. Waaqayyo araarri isaa guddaa waan ta'eef nujaalate; Jaalalli isaas guddaa waan ta'eef nuti haguma feenes cubbamta ta'uu keenyaan warra du'us yoo taane

Email: danbiblecoll@gmail.com / eliel0607generation@gmail.com
Cell Phone:- +251-468-217-144/+251-926-54-54-40; P.o.b. 2209 Hawassa, Ethiopia.

Kiristoosiin woliin jireenya nuuf kenne.Karaa Yesuus Kiristoosiitiin gaachena/ kennaa tolaa arganne. Isa woliin du'aa ka'uu keenyaan samitti ofi bira nukaaye. (Efe.2:4-10)

Baroota Kakuu Moofaa fi Kakuu Haarawa Jidduu Jiran

Woggoota 400 jiddutti jechuun bara Nahimiyaa irraa jalqabee hanga bara Milkiyaasii fi hanga bara dhaloota Kiristoosii wontoonni raawwataman kanniin. Mootummaan Faarisii, Paalistiinaanis dhaloota Kiristoosiitiin dura bara 341tti Iskindirii guddaa jalatti kufan. Mootummaan Iskindirii guddaa kun woggoota 10 turee hanga inni du'een booddee masakkoota woraanaa/lolaa 4tti qoodame. Kana'aan henna tokko bulchiinsa Asoorii, henna biraa immo bulchiinsa Misirii ta'uudhaan mootummaa kanniin jalatti bulteerti.Namni bulchaa biyya Asoorii ture Antsokiyoos dhaloota Kiristoosiitiin dura bara 178tti Yerusaalemiin booji'ee Mana Woyyuu keessatti booyyee ciincaa dhiyeessuudhaan batteesse. Woggoota 4 n booddee Lubni Maqaabis jedhamu tokko mooyee ummanni akka bulchoota isaanii kan worra ormaa irratti ka'aniif isaan masakke. Sababa kanaaf hanga woggoota 100 uduu walirraa hin cinne lolli deemsifame. Dhaloota Kiristoosiitiin dura bara 71tti duultonni warra Roomaa masakkaa isaanii kan Paampee jedhamuun Yerusaalemiin qabatan. Hanga yeroo Yesuus Yihuudaa Beteliheemii keessatti dhalatuutitti Yerusaalem harka warra Roomaa turte. Haaluma kanaan raanni kitaaba Dan. 2 keessatti raagame raawwatame.

Kitaabonni bara san haala yeroo sanii ibsanii fi wantoota bara san ture hubachiisan yoma barreeffamanis Kitaaba Qulqulluu keessatti eda'amanii hin barreeffamne. Keessattuu amantii warra Yihuudii keessatti garaa garummaa baay'etu ta'eera.

1. Ummanni Israa'elii waaqolee tolfamaa waaqeffachuu akka isaan hin barbaachifne hubatan. Yeroo biyya Baabiloonii woggoota 70 garbummaa keessa jiran waaqolee tolfamaa isaanii hundaa gatan. Haata'uu malee bikka waaqolee tolfamaa mukaatii fi dhakaa Seerota Muusee akka waaqolee tolfamaatitti waaqeffachuu jalqaban.
2. Barbaachisummaan mana sagada/ waaqeffannaa Yihuudotaa yeroo kana beekkamaa deeme. Guyyoota kaawwan barumsa kennaa guyyaa sambataa immo iddoo kitaaba itti lallaban qaban ture.
3. Afaan warra Yihuudii (Ibraayisxi)irraanfatamaa deeme. Afaan Aramaayikii akka afaan isaaniititti dubbataa turan. Yesuusii fi duuka bu'oonni Aramaayikiffa afaan biyya ofii dubbataa turan. Kakuun Moofaan gara afaan Griikiffaatitti hiikkame.
4. Warri Yihuudii bakka baay'etti qoodamanii turan.
    a) Fariisota:- Warra yaadota alaa mormuun leenji'an. Namni kan fayyuu danda'u seera Muusee eeguudhaan jechaa waan biraallee itti eda'aa barsiisan. Isaan dhugamaan diintota Kiristoosii turan.
    b) Barreessitoota:- Hujii fi amantiin warruma Fariisotaa fakkaatan turan.
    c) Saduqoota:- Isaan yaada warra Griikii fudhatanii warra Kakuu Moofaa waakatanii

Email: danbiblecoll@gmail.com / eliel0607generation@gmail.com
Cell Phone:- +251-468-217-144/+251-926-54-54-40; P.o.b. 2209 Hawassa, Ethiopia.

fi waarra waa'ee du'aa ka'uu hin amanne turan

Guduunfaa (Conclusion)

Waaqayyo akka Masihicha ergu Kakuu Moofaa keessatti abdii kenneera. Masihi jechuun kan dibame jechuu dha. Afaan Ibraayisxiitiin Masihi, afaan Griikiitiin immo Kiristoos jechuu dha. Kakuun Moofaan akkaataa lamatti fakkeessa. 1ffaa. Fayyisaa gara laafessa ciincaaf ofi dhiyeesse; 2ffaa. Mootii jabaa ummata bilisa baasuudhaaf dhufu akka ta'e.

Ergaa Milkiyaasiitii fi dhufa Yesuusii booddee Masihii dhumaa yookiin mootiin jabaan kun akka Waaqayyoon biraa dhufu namoonni baay'een eegaa turan. Wanti Yesuusii gara laafessa kanatti hawwiin isaaniitii fi abdiin isaanii raawwachuu dideef sababii kannaf. Fedhiin Waaqayyoo Yesuus dura dursee akka sababii cubbuu adunyaatiif ciincaa godhee akka ofi dhiyeessuu fi dhumarratti garuu ulfinnaan gara adunyyaa kanaa dhufee warra adunyaa kanatti akka murteessu dha.Hujiin Masihichaa kan jalqabaa woggoota 2,000 duratti raawwatameera. Guyyoonni dhumaa akka nutty dhiyaataa deemaaram akkaataan beeknuun yeroo jireenya keenya kan guyyaa guyyaa sirritti yaadanne akka Gooftaan keenya Yesuus Kiristoos dhufuu dhiyaate beekuu dandeenya. Hennaa lammaffaan deebi'ee dhufe akka duraa san gara laafessaa fi kan namoonni isa rakkisu osoo hin taane ulfinna guddaadhaan maleekkota samiitiin marfamee dhufa.

Email: danbiblecoll@gmail.com / eliel0607generation@gmail.com
Cell Phone:- +251-468-217-144/+251-926-54-54-40; P.o.b. 2209 Hawassa, Ethiopia.